# XIINXALA DANDEETTII KEEYYATA BARREESSUU BARATTOOTA KUTAA 11FFAA MANA BARUMSAA IFA AKKOO SADARKAA LAMMAFFAA

**TAAKKALAA HORDOFAATIIN**

**GABAASA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OG-BARRUU BARSIISUUN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMOOMAA, DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBARRUUTIIF DHIYAATE**

**HAGAYYA, 2016**

**JIMMA, ITOOPHIYAA**

# XIINXALA DANDEETTII KEEYYATA BARREESSUU BARATTOOTA KUTAA 11FFAA MANA BARUMSAA IFA AKKOO SADARKAA LAMMAFFAA

**TAAKKALAA HORDOFAATIIN**

**GORSAA: ALAMAAYYOO FAQQADAA (PHD)**

**G/GORSAA: MAHAADII HASAN (MA)**

**WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA GUUTTACHUUF QOPHAA'EE YUUNIVARSITTII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMOOMAA DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OG-BARRUUF DHIYAATE**

**HAGAYYA, 2016**

**JIMMA, ITOOPHIYAA**

**YUUNIVARSIITII JIMMAATTI**

**Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruutiin gamisaan guuttachuuf **Taakkalaa Hordofaatiin,** mata-duree: **xiinxala dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 11ffaa mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa** irratti xiyyeeffachuun qophaa'e, sadarkaa ulaagaa Yuuniversiitiin kaa'e guutee kan dhiyaatedha.

Maqaa qorataa : Taakkalaa Hordofaa Mallattoo_____________Guyyaa_____________

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa :Teewodiroos Mallattoo______________Guyyaa___________

Qoraa Keessaa: Cimdii Waaqumaa(Ass.Prof.) Mallattoo------------------ Guyyaa----------------

Gorsaa : Alamaayyoo Faqqadaa(PHD.) Mallattoo---------------------Guyyaa___________

G/Gorsaa: Mahaadii Hasan (MA) Mallattoo______________Guyyaa___________

_______________________________________Itti Gaafatamaa Muummee yookiin Walitti Qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaan koo armaan gaditti eerame waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hindhiyaanne ta'uusaafi yaadawwan qorannoo kanaaf deebise hunda isaanii wabii keessatti kaa'uu koo mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa: Taakkalaa Hordofaatiin

Mallattoo: ____________________

Guyyaa: _____________________

# Galata

Duraan dursee waan hundumaa bira na dabarsee isa kanaan naga’e Waaqayyoof galatni guddaan haata’u. Itti aansuudhaan gorsaa koo Alamaayyoo Faqqadaa (PhD) fi barsiisaa Mahaadii Hasan (MA) jalqabaa kaasanii hanga dhumaatti yaadaafi deeggersa naaf godhaniif guddaan galateeffadha. Akkasumas, barsiisota mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa muummee Afaanii yeroo isaanii naaf eeyyamanii odeeffannoo barbaachisaa ta’e akkan argadhuuf deeggersa naaf godhaniif galanni koo guddaa dha. Dabalataanis, yeroo mara na jajjabeessuun nuffii tokko malee kan sadarkaa kanaan akkan qaqqabu kan na gargaarte haadha manaa koo kabajamtuu aadde Xilaayee Furii galata hammana hin jedhamne isheef qaba. Akkasuma mucayyoo koo Naafkiyyaa Taakkalaa fedhii abbaa irraa qabdu argachuu hafuun waan hundumaa obsitee na tumsuu isheetiif haa galatoomtu. Dhuma irratti yeroon maalllaqa of harkaa dhabetti obbolootaafi hiriyyoota koo barsiisaa Dastaa Hordofaa, barsiisaa Wandimmuu Magarsaa, aadde Caaltuu Hordofaa, barsiisaa Takiluu Dingataafi abbaa koo obbo Hordofaa Fayisaa galatni keessan baay’ee guddaadha.

## *Axareeraa*

*Qorannoon kun kan gaggeeffame Godina Jimmaa Aanaa Nadhii Gibee mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa irrattidha. Qorannoon kun xiinxala dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 11ffaa mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa irratti xiyyeeffata. Ka'umsi qorannoo kanaas, rakkoowwan dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 11ffaa bara2015 keessatti mul'atu xiinxaluun argannoo dandeettii keeyyata barreessuu kana keessatti bira ga'ame adda baasuun fala isaa waliin ibsuudha. Kaayyoon qorannoo kanaa dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 11ffaa xiinxaluudha. Saxaxni qorannichi itti gaggeeffame saxaxa qorannoo ibsaadha. Baay'ina barattoota 135 keessaa dhiirota14fi dubartii16 mala iddattoo carraa keessaa iddatteessuu sirnaawaan filatamanii ragaan irraa sassabameera. Kanamalees, mala iddatteessuu miti carraan filatamanii barsiisoota afaan Oromoo kutaa 11ffaa barsiisaan 2fi dubartii 1irraa ragaan sassabamee jira.Walumagalatti, iddattoo 33(saddomii-sadii) irraa ragaan funaanamuun qorannoon kun gaggeffameera. Meeshaalee ragaaleen ittiin funanaame af-gaaffii, bar-gaaffii, daawwannaafi qormaata barreeffamaan barattootaaf kennuun funaaname. ragaan af-gaaffii irraa walitti qabameefi bar-gaaffii cufaafi banaa irraa argame mala akkamtaa kan xiinxalame yoo ta'u, odeeffannoo bifa lakkoofsa qabuun argame ammoo, mala hammamtaa (safarataa) kan xiinxalamedha. Argannoon argames sirna tuqaaleefi qubguddeessa bakka hinbarbaachisnetti fayyadamuufi barreeffama isaanii keessatti amaloota keeyyata gaarii guutanii,caasaa keeyyatni tokko qabu guutanii kan hinbarreessineefi gumee qopheessuun gara barreessutti seenuu kan hin dandeenyedha. Akkasumas, walqabsiistotatti fayy adamuu dhiisuufi filannoo jechootaa eeganii kan hin barreessine yommuu ta'u;barsiisonni akka isaan keeyyata barreessan kan hin shaakalchiisne, barnoota isaanii sadarkaa tokkoffaa keessatti kan Afaan Oromoo barsiisu Barsiisota Afaan Oromootiin hinleenji'iin yookiin hineebbifamiin ta'uu, wayitiin gosa barnoota Afaan Oromoof ramadame ga'aa ta'uu dhiisuufi barsiisonni barattoota keeyyata barreessisuu irratti xiyyeeffannoo kan hin kenniine akka ta'e argannoon mul'ateera.*

*Argannoo kana irratti hundaa'uun yaanni furmaataa akka gadiitti kaa'amee jira. Kunis,Barsiisotni yeroo waa'ee keeyyataa barsiisan ibsanii darbu dhiisanii akka barattootni barreessan otoo taasisanii;itti fayyadama sirna tuqaalee barreeffama keessatti iddoo qubgud deessi Itti barreeffamu, filannoo jechootaa, seerlugaafi himoonni akkamitti akka qindaa'anii keeyyata gaarii ijaaran otoo sirriitti hubachiisanii,Kana malees, barsiisotni xiyyeeffannoon dandeettii keeyyatabarreesssuu barattoota otoo shaakalchisanii, wayitiin gosa barnoota Afaan Oromootiif ramadames otoo fooyya'ee barattoota dandeettii keeyyata barrees suu irra deddeebiinshaakalnii gaariidha kan jedhuun xumurameera.*

**Bafaata**

Qabiyyee Fuula

Galata .......... I
*Axareeraa* .......... II
BOQONNAA TOKKO: SEENSA .......... 1
1.1. Seenduubee Qorannichaa .......... 1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa .......... 4
1.3. Kaayyoo Qorannicha .......... 6
1.3.1. Kaayyoo Gooroo .......... 6
1.3.2. Kaayyoo Gooree .......... 6
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa .......... 7
1. 5. Daangaa Qorannichaa .......... 7
1.6. Hanqina qorannichaa .......... 7
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU .......... 9
2. Maalummaa Barreessuu .......... 9
2.1. Faayidaa Barreessuu .......... 10
2.2. Adeemsota Barreessuu .......... 11
2.2.1. Adeemsa Barreessuu Duraa .......... 11
2.2.2. Adeemsa yeroo barreessuu .......... 12
2.2.3. Adeemsa Barreessuu boodaa .......... 12
2.3. Ulfaatina Barreessuu .......... 13
2.4. Dandeetti Barreessuu Daree keessatti Barsiisuu .......... 14
2.5. Barreeffama Barattootaa Madaaluu .......... 15
2.6 Maalummaa Keeyyataa .......... 17
2.7 Faayidaa Keeyyataa .......... 17
2.8 Caasaalee Keeyyataa .......... 18
2.8.1. Hima ijoo .......... 18
2.8.2. Hima callaa yookiin gargaartuu .......... 19
2.8.3. Hima goolabaa (hidhaa keeyyataa ) .......... 19

2.9.1. Keeyyata Addeessaa ... 19
2.9.2. keeyyata Seenessaa ... 20
2.9.4 Keeyyata Amansiisaa ... 21
2.10 Qajeelfama dandeettii keeyyata barreessuu ... 21
2.10.1 Kan Sirreessuu irratti xiyyeeffatu ... 21
2.10.2. Kan yaada ofii ibsuu irratti bu'uureffatu . ... 21
2.10.3. Barreeffama irratt kan xiyyeeffatu ... 22
2.10.4. Kayyoorratti Kan xiyyeeffatu ... 22
2.11 Amaloota keeyyataa ... 22
2.11.1. Tokkummaa ... 23
2.11.2. Guutummaa ... 23
2.11.3. Walhidhatiinsa ... 23
2.12 Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii ... 24
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ... 27
3.1. Mala Qorannichaa
3.2 Irraawwatama Qorannichaa ... 27
3.3 Madda Ragaalee Qorannichaa ... 28
3. 4 Iddattoofi Mala Iddatteessuu Qorannichaa ... 28
3.4.1. Iddattoo ... 28
3.5 Malleen Funaansa Ragaalee ... 29
3.5.2 Af-gaaffii ... 30
3.5.4. Daawwannaa ... 31
3.7 Adeemsa funaansa ragaaleefi naamusa qorannichaa ... 32
BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAA ... 33
4. Ibsa Ragaa Deebii Kennitootaa ... 33
4.1. Xiinxala Qormaata Keeyyata Barreessuu Barattootaaf Kenname ... 33
4.1.1. Qormaata dandeettii Keeyyata Barreessuu Marsaa 1ffaa Barattootaaf ... 33
Kenname ... 33
4.1.2 Qormaata dandeettii keeyyata barreessuu Marsaa 2ffaa barattootaaf ... 37
kenname ... 37

4.1.3 Qormaata dandeettii keeyyata barreessuu marsaa 3ffaa barattootaaf kenname.. 40
4.1.4.Qormaata dandeettii keeyyata barreessuu marsaa 4ffaa barattootaaf kenname... 42
4.5. Xiinxala Ragaa Af-gaaffii Barsiisootaa ... 46
4.6. Xiinxala Ragaalee Bar-gaaffiin funaaname ... 47
4.7. Xiinxala Ragaa Daawwannaa Daree Irraa Argame ... 48
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA ... 50
5.1.Cuunfaa ... 50
5.3. Yaada Furmaata ... 52
Wabiilee ... 54
Dabalee A ... 56
Dabalee B ... 66
Dabalee C: ... 68
Dabalee D ... 69

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Waliigaltee Afaanii kamiyyuu keessatti bu’uura kan ta’an, dandeettiiwwan Afaaniiti. Dandeettiiwan Afaanii kaayyoo barnoota Afaanii galmaan ga’uutiin dabalata, gosa barnoota biroo barachuuf hedduu barbaachisaadha. Dandeettiiwwan bu’uuraa kunneenis walduraa duubaan yommuu kaa'aman bakka gurguddaa afuritti qoodamu. Dandeettii dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuudha. Dandeettiin dhaggeeffachuufi dubbisuu odeeffannoo haaraafi beekumsa ittiin argachuu yookiin gonfachuudhaaf tajaajilu. Dandeettiin dubbachuufi barreessuu ammoo, odeeffannoo qabnu namoota biroof dabarsuuf oolu. Barreessuun dandeettii dubbachuurra tooftaa adda ta'een yaada kan ittiin ibsamu waan ta’eef baruuf-barsiisuu keessatti tooftaa adda ta’e barbaachisaaf. Kun kan nu hubachiisu barsiisonni Afaanii barattootni isaanii dandeettii barreessuu daran akka cimsatan taasisuuf gahee guddaa qabu.

Akka Wasanee,(1996: f. 61) jedhutti, “Adeemsa Afaan barachuu keessatti dandeettiin barreessuu isa tokkoofi kan bakka guddaa qabudha”. Yaada kanarraa kan nuti hubachuu qabnu dandeettiin barreessuu adeemsa Afaan barachuu keessatti iddoo olaanaa qabaachuu isaati.

Beekaan,(2015:f.130) “Barreessuun adeemsa Afaanii karaa namni tokko ragaa ergaan isaa akka darbu barbaadame jechootaan ijaaree ittiin ibsuudha. Kana malees, barreessuun adeemsa walxaxaa dandeettii barreeffama harkaafi qubeesuutii hanga barruu guutuutti hammatuudha”.

Yaada armaan olii irraa wanti hubatamu dandeettiin barreessuu kan ittiin yaada Keenya jechootaan qindeessinee ittiin ibsannuufi ergaa yookiin dhaamsa dabarsuu barbaanne tokko kan itti dabarsannuuf hojiin barreessuu ulfaataafi walxaxaa ta’uu isaati. Akka Kelly ,(1997:f.27) jedhutti, “Barreessuun yaada ofii jechoota ifaafi sirrii ta’anitti fayyadamuun ergaa guutuu ta’e waraqarraa kaa’uun qaama biraatiif dabarsuu dha” .

Langan,(1985:f.14) jedhutti “Writing is away to communicate with others. When you write for others, it is crucial to know both your purpose for writing and audience who will be reading your work,” jedha. Kana jechuun barreessuun daandii waliigaltee namoota biroo waliiniiti. Kanaaf, yeroo waa barreessinu kaayyoo barreessinuufi namoota barreeffama keenya dubbisan hubannoo keessa galchuu qabna.

Beekaan (2015 f.127) (Byrne 1988, Raimes 1983) wabeeffachuun dandeettii barreessuu yoo ibsu, Barreessuun dandeettii Afaanii isaan bu’uuraa (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi

barreessuu)  keessaa isa tokko dha. Dandeettiin kun akka dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu waan salphaatti baramu osoo hin taane, xiyyeeffannaan guddaan itti kennamee kan mana barnootaatti baratamu dha. Sababa  duraan mana keessatti yookiin maatii biratti muuxannoon isaa hin jirreef, dandeettiin barreessuu ulfaataa dha.

Yaada armaan olii kana irraa wanti hubatamu, daa'imni tokko dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu maatiifi hawaasa keessatti guddatte irraa barachuu kan dandeessuu yoo ta'u, dandeettiin barreessuu ammoo, manneen barnootaa keessatti barachuun kan gonfatamu dha. Sababiin isaas, dandeettiin barreessuu ulfaataafi walxaxaa waan ta'eef.  Akaasumsa, dandeettiiwwan Afaanii keessaa barreessuun ulfaataa ta'uusaa,Grabefi Kaplan(1996:f.87) yoo ibsan ,Namoota addunyaa kanarra jiraatan keessaa walakkaan isaanii sirriitti  barreessuu hin danda'an jedhu.Yaada hayyoota kanaa irraa wanti hubatamu, barreessuun dandeettii Afaanii keesssaa ulfaataafi kan salphaatti hin gonfatamne ta'uu isaa carraaqqiifi hordoffii cimaa kan barbaadu ta'uu isaati. Dandeettii barreessuu akka dandeettii dubbachuu naannoo irraa kan baratamu miti. Kana jechuunis, dandeettii dubbachuu yeroo daa'imummaarraa jalqabee gabbifamaa kan dhufu yommuu ta'u, dandeettiin barreessuu garuu, haala kanaan kan baratamu miti. Kun ammoo, dandeettii barreessuu cimaa isa taasiseera. Kanaafuu, daree Afaan barsiisuu keessatti xiyyeeffannoon guddaan itti kennamuu qaba. Beekaa (2015:f.132) Kanaafuu, dandeettii n barreessuu dandeettiiwwan kaan irra xiyyeeffannoofi   shaakala   kan   barbaadudha.   Kanuma ilaalchisee Atkins etal,(1996) yeroo ibsu, "Writing skills should be practiced in class as well as at home.Class time is note only for grammar and vocabulary.If students are to develop writing skills,they need to work on writing skills activities in class uder the teacher, supervision as well as writing out of class." Kana jechuun barattootni dandeettii barreessuu gonfachuuf` shaakala walirraa hin cinne gochuu akka qabaniifi barsiisonnis dandeettii barreessuu barsiisuuf tooftaalee adda addaatti fayyadamuun ga'ee isaanii bahachuu qabu.

Kana malees ,(Tafarii 1998) sagaleen Afaan Oromoo walitti qindaa'uun  sadarkaadhaan seera mataa isaa eegee guddata. Afaan kamiyyuu ammoo, seera mataa isaa qaba. kana jechuun seera ittiin barreeffamu,akkaataa ergaa guutuu ta'e dabarsuu danda'u ulaagaa barreeffamaa kan mataa isaa danda'e qaba. Bu'uuruma kanaan qorannoon kun xiinxala dandeettii keeyyata  barreessuu Afaan Oromoo barattoota kutaa 11ffaa mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa yommuu ta'u, dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa xiinxaluun rakkoowwaniifi sababota rakkoowwan  barreessuu isaanii irratti kan xiyyeeffatudha.

Keeyyatni haala seera qabeessa ta'een walitti qindaa'uun jechootaan kan ijaaramu ta'ee yaada tokko yookiin ergaa tokko kan dabarsudha. Kana jechuun, keeyyatni hima yookiin ergaa tokko qaban walitti qindeessuun ijaarama jechuudha. Getaachoo Rabbirraa,(2019). Qorannookanakeessatti waa'ee keeyyataa kaasuun barbaachisaadha. Qabanni isaa barreeffamaaf i keeyyanni dhimma murteessaa ta'ee waan mul'atu fakkaata.

Waa'ee keeyyataan walqabatu irratti hayyoonni adda addaa yaada walfakkaatu laatu. Namoota kanneen keessaa Yohaannis (1966:f.277) "Keeyyatni tuuta himoota irraa kan ijaarame ta'ee waa'ee dhimma ijoo tokko qofaa kan dubbatu, ibsu, addeessu, amansiisuuf yaalu, seenessu ta'e dha." jedha. Yaaduma kanaan walitti dhiyaatu Geetaachoo (2008:f.119) yoo ibsu ammoo, "keeyyatni walitti qindoomina himootaa ta'ee yaada handhuuraa tokko kan dabarsudha." jedha. Hayyootni kan biraas hiika keeyyataa himootaan wal bira qabanii ibsanii jiru. Fakkeenyaaf, Rorabacher(1965:f.170) akka armaan gadiitti ibsuuf yaaleera.

"Jechi kutaa yaada isaa xiqqaadha, himni ammoo, garee jechootaa sana walitti fiduun yaada guutuu kan ibsu yoo ta'u, keeyyatni ammoo, garee himootaa yaada gabbisaniiti. Dhaamsi kitaabaas ta'e kan barreeffama kana irra adda hinta'u." Yaada kana irraa wanti nuti hubannu keeyyatni ergaa barreeffamaatis ta'e, kitaabaaf bu'uura ta'uu isaati. Keeyyanni haala seera qabeessa ta'een walitti qindaa'uun jechootaan kan ijaaramu ta'ee yaada tokko yookiin ergaa tokko kan dabarsudha. Kana jechuun, keeyyanni hima yookiin ergaa tokko qaban walitti qindeessuun ijaarama jechuudha. Getaachoo Rabbirraa,(2019)

Barattootni ofdanda'anii mata duree kenname tokko irra dhaabbatanii kan yaada sammuu isaanii keessa jiru akkasumas, barreeffamoota garaagaraa dubbisuun bifa barreeffamaan dhiyeessuu yoo danda'anidha. Dandeettii keeyyata barreessuu irrattis barattootni dandeettii qabaachuu irraa wanti isaan fayyadamuu danda'an gargaarsa tokko malee of ta'anii yaada ofii barreeffamaan ibsachuu irra darbee hawaasa isaaniif barreeffama garaagaraa gumaachuu danda'uudha. Kunis kan fayyadu barattootni mana barumsaa sadarkaa lammaffaa keessatti argaman hirkattummaa tokko malee dandeettii keeyyata barreessuu akka danda'aniifi. Kanaafuu, akka mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaatti rakkoon dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa haala yaaddessaa irra waan jiruuf, dhimma kana qorachuun barbaachise.

## 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Barnoota afaanii keessatti dandeettiin barreessuu iddoo olaanaa qaba.Dandeettii barreessuu akka barattootni to’atanii (gonfataniif) karaa garaagaraatiin tumsa gochuun barbachisaadha.Tumsa kanaaf ulaagaa barreeffama gaarii tokkoofi akkaataa itti dandeettii barreessuu barattoota irratti wantoota sababa ta’an xiinxaluun beekumsa gaariidha. Dandeettii keeyyata barreessuu barattootni yoo horatan, barumsa gara fulduraatti barataniif bu’uura. Kana malees barattoonni keeyyata barreessuu irratti dandeettii yoo qabatan dhaabbiilee barnoota olaanaa yoo galan keeyyata qindoomina qabu barreessuun isaan hin rakkisu. Barnoota Afaan Oromoo keessatti dandeettii barreessuus ta’e keeyyata barreessuu barattootaa cimsuuf sadarkaan barnoota isaan

irra jiran akkasumaas umurii isaanii irratti kan hundaa’u ta’a.

Barsiisotni mana barumsichaa Afaan Oromoo barsiisaa jiran barattootni sadarkaa lammaffaa irratti argaman akka isaan dandeettii keeyyata barreessuu gonfataniif deggarsaafi hordoffii adeemsa baruu-barsiisuu keessatti qooda isaanii bahanii akka hojjetan gargaara.

Haaluma kanaan, kitaabni barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa mata-duree adda addaa boqonnaa garaagaraa keessatti akka barattootni keeyyata adda addaa barreessaniif shaakala adda addaa of keessatti hammatee jira. Kunis, Keeyyata barreeffame tokko otoo hinxumuriin hanbisee barattoonni yaada jalqabame akka yaada isaaniitti itti yaadanii waan hafe akka xumuraniif fuulacha ni kenna. Mata-duree adda addaa kennuunis akka barattootni keeyyata adda addaa barreessanis ni ibsa.

Barreeffama isaanii keessatti qub-guddeessaafi sirna tuqaalee sirriitti fayyadamuu akka qaban hubachiisa. Yommuu keeyyata barreessanis, walqabsiistota barbaachisaa ta’anitti fayyadamuun akka isaan barreessaniif qajeelcha. Akkasumas,amaloota keeyyata gaarii kanneen akka: tokkummaa, guutummaafi walhidhatiinsa keeyyata barreessan keessatti murteessa waan ta’anii dhimma itti bahuun akka barreessan ibsa.

Dabalataanis, kitaaba isaanii irratti keeyyata barreeffame dubbisuun caasaalee keeyyataa tokko keessatti argamaniifi iddoo argama hima ijoo, hima callaafi himni goolabaa eessa fa’aa akka ta’e hubachiisuuf fakkeenyota garaagaraa kaa’a. kana malees, gosoota keeyyataa garaagaraa irratti fakkeenya kitaaba barnoota barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa isaaniif kenname irratti hundaa’uun akka shaakalan haaqajeelchu malee, qorataan kun muuxannoo barsiisaa tureenis ta’e barattootni kutaa 11ffaa mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa

akkaataa shaakala kitaabni isaanii qajeelchu kanaan keeyyata qindoomina qabu barreessuu irratti rakkootu mul'ata. Kanaafuu, qorataan kunis dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 11ffaa mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaaf rakkoo ta'an xiinxalee dhiyeesseera.

Kanaafuu, barbaachisummaan dandeettii kanaas ammuma sadarkaan barnootaa dabalaa adeemu guddachaa adeemuun kan walgaafachiisu miti. Haata'umalee, sadarkaa gadaanuttis barbaachisaadha. Barattootni sadarkaa lammaffaa dandeettii barreessuu qubeessuurra darbuun dandeettii keeyyata barreessuu gonfachuu akka qabaatan Gedion2005 (ORLA,112) wabeeffachuun akkas jechuun ibsiti, Barattootni sadarkaa jalqabaatti qubeedhaa hanga jechoota ijaaruutti,sadarkaa giddugaleessaatti keeyyata gaarii ijaaruufi sadarkaa Olaanaatti barruu dhedheeraa barreessuu akka qaban ni ibsa.

Hojii baruu barsiisuu keessatti dogoggorri barreessuu kallattii adda addaan mul'achuu ni danda'a. Isaan keessaa tokko afaan baruufi barsiisuu keessatti.Yeroo afaan baramuufi barsiifamu dogoggorri dubbachuus ta'e barreessuu nama mudachuu danda'a.Caicedo (2009, f.43)

Barnoota Afaanii keessatti dandeettiin barreessuu iddoo olaanaa qaba. Kanaafuu, dandeettii kana akka barattootni gonfataniif tumsa gochuun barbaachisaa ta'a.Yaaduma kanaan kan wal fakkatu,

Beekan (2015:f.134), sababoota barreessuun barbaachiseef keessaa inni tokko ittiin barachuuf akka meeshaatti gargaaruu isaati. Kana jechuun ammoo, gosoota barnootaa baratamu biroo biraa barreessuun waan hin hafneef, beekumsa sanarraa argamullee irra caalaa barreessutiin ifa taasifama. Barreessutiin barattootni caasaalee haarawaa yookiin jechoota haarawaa,caasaalee afaanii akka baratan gargaara.

Qorannoon kunis,rakkoo barattootni mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa kutaa 11ffaa dandeettii keeyyata barreessuu irratti qaban, adda baasuuf. Ka'umsi qorannoo kanaas, barattootni hanqina dandeettii keeyyata barreessuu waan qabaniif maddi hanqina dandeettii keeyyata barreessuu barattoota mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa kun qorannoo kanaan adda ba'ee, furmaata akka argatu waan barbaadameefidha. Kanaafuu, qorataan kun barattootni mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa keessatti dandeettii keeyyata barreessuu Afaan Oromoo irratti qaban xiinxala gaggeessuun kan adeemsisedha.

Qorataan mataduree xiinxala wantoota dandeettii keeyyata barreessuu barattoota Afaan Oromoo irratti sababa ta'an mana barumsaa Ifa Akkoo Sadarkaa Lammaffaa kutaa 11ffaa irratti kan bu'uureffatedha. Qoratichi dhimma kana irratti akka qorannoo gaggeessuuf wantoonni sababa

ta'aniif mana barumsaa Ifa Akkoo Sadarkaa Lammaffaatti barattootni dandeettii keeyyata barreessuu irratti garaagarummaan akka jiru hawaasni barattoota isaanii barsiifatan ni dubbatu. Yaadolee armaan olitti eeraman kanneen qorataan dandeettii keeyyata barreessuu barattoota Afaan Oromoo irratti sababa ta'an xiinxaluuf furmaata barbaachisu eeruudhaaf adeemsa hojii qorannoo kana keessatti gaafilee armaan gadii deebisuuf qopheeffateera.

Kanuma irraa ka'uun, qorataan qorannoo isaa galmaan gahuuf gaaffiilee armaan gadii kanneen deebisuuf bu'uureffateera.

1. Hanqinootni dandeettii keeyyata barreessuu barattoota mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa kutaa 11ffaa keessatti mul'atan maal fa'i?
2. Rakkoon dandeettii keeyyata barreessuu barattoota mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaaf sababa ta'an adda baasuuf?
3. Barsiisonni mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa barnoota Afaan Oromoo barsiisaa jiran barattoonni akka isaan dandeettii keeyyata barreessuu gabbifatan deeggarsaafi hordoffii akkamii taasisaa jiru?

## 1.3. Kaayyoo Qorannicha

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo guddaan qorannoo kanaa dandeettii keeyyata barreessuu barattoota mana barumsa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa kutaa 11ffaa baratan xiinxaluudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

**Kaayyoon gooree qorannoo kanaa :**

- Hanqinoota dandeettii keeyyata barrreessuu barattoota mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa kutaa11ffaa keessatti mula'atan adda baasuuf.
- Rakkoon dandeettii keeyyata barreessuu barattoota mana barumsaa Ifa Akkoo kutaa 11ffaa wantoota sababa ta'an adda baasuuf.
- Mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa kutaa 11ffaa keessatti barattootni dandeettii keeyyata barreessuu akka gabbifataniif barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan hordoffiifi deeggarsa taasisaa jiran adda baasuuf.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan barbaachisu karaa hedduufi qaamolee hedduuf ta'uu danda'a. Kunis, barattoota Afaan Oromootiin baratanuufi barsiisota Afaan Oromootiin barsiisan hundaafi.kana malees, qorannoon kun erga gaggeeffamee booda argannoo isaa irratti hundaa'uun faayidaalee garaagaraa kennuu ni danda'a. Faayidaaleen kunniinis:

- ✓ Rakkoolee dandeettii keeyyata barreessuu irratti barattoonni mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa kutaa 11ffaa baratan qaban adda ba'ee akka hubatamuufi akka madda ragaatti fayyadamuufi.
- ✓ Argannoo waraqaa qorannoo kana irraa barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan qaawa dandeettii keeyyata barreessuu irratti mul'atu hubachuun akka irratti hojjetaniif.
- ✓ Haftee waraqaa qorannoo kana irraa manni barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa barattoonni yeroo keeyyata barreessan wantoota isaan rakkisu manni barumsaa beekuun xiyyeeffannoon akka irratti hojjetan taasisuuf. Kunis qorannicha mana kitaabaa kaa'uun akka bira qaqqabu gochuuf.
- ✓ Namoota mata duree kanaan walfakkaatu irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif ka'umsa ta'uu kan danda'uufi k.k.kf.

## 1. 5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa Naannoo Oromiyaa keessa jiran hunda keessatti otoo gaggeeffamee, bu'aan argamu guddaa ta'a. Garuu, yeroo dheeraafi baasii guddaa waan gaafatuuf qorannoon kun kan gaggeeffame Naannoo Oromiyaa Godina Jimmaa Aanaa Nadhii Gibee mana barumsaa Ifaa Akkoo sadarkaa lammaffaa keessatti barattoota kutaa 11ffaa baratan dandeettii keeyyata barreessuu xiinxaluudha.

## 1.6. Hanqina qorannichaa

Yeroo qorannoon gaggeeffamu wantootni akka hanqinaatti ka'an keessaa tokko yeroo dha. Sababiin isaas, qorannoo tokko gaggeessuuf yeroo ga'aa ta'e barbaada. Kanaafuu, hanqina yerootiin kan ka'e mana barumsaa tokko qofa keessatti gaggeeffamuu isaati. Osoo manneen barnootaa garaagaraa keessatti gaggeeffamee bu'aan kana caalu argamuu danda'a. Haata'u malee,qorataan barsiisotaafi barattoota akka iddattootti filaman kaayyoofi barbaachisummaa qorannoo kanaa hubachiisuun haala wayitii barnoota idilee barattootaas ta'e, barsiisotaa osoo

hin qisaasessiin yeroo wayitii barnoota isaanii alatti faallaa dabaree (shiiftii) barnoota isaaniitti argamuun odeeffannoo barbaachisaa ta'e walitti qabachuu danda'eera.Dabalataan ammoo,sababa guddaa kan ta'e bara 2015tti sagantaan barnootaa gama ministeera barnootaan akkaa addaan citu taasisuu isaati. Kun ammoo,qorannoo kana qorataan itti cichee akka hin hojjenneefi fedhiin xiqqachuun yeroo jedhameefi akka jedhametti hojjechuu dadhabuudha. Haata,umalee,deeggarsa gorsaa ijoofi aantee naaf kennan irra dhaabbachuun qorannichaa akkan xumuru ta'eera.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2. Maalummaa Barreessuu

Hayyoonni dirree ogummaa barreessuurra jiran dandeettii barreessuu kallattii lamaan hiiku. Inni tokko hiika kallattii yoo ta'u, kan biraa ammoo, ija ogummaatiin hiikuudha. Hiika kallattii, The encyclopedia Britannica yoo hiiku , "Writing is a system of human visual communication using signals or symbols that is associated with conventional meaning or sounds and are recorded on the surface of such substances as paper ,stone,clay or wood"(1993: f.774), jedha. Haaluma walfakkaatuun, Widdowson (1985: f.62), "Writing is the act of making up correct sentences and transmitting them through the visual medium as marks on paper," jedha.

Yaaduma kana Getaachoon (2007: f.7), Misgaanuu (2011: f.57) fi Beekaan (2015: f.127) barreessuun ogummaawwan afaanii isaan buu'uuraa (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu) keessaa isa tokko akka ta'eefi kan qubeewwan yookiin mallattooleen uummanni irratti waliigaletti fayyadamuudhaan waraqaa, dhagaa, sibiilaafi wantoota kanneen kana fakkaatan irratti qubeessuudhaan mala ergaa ittiin dabarsinu akka ta'e ibsu.

Gama isa ogummaatiin yommuu hiikan ammoo, " Barreessuun mallattoo uummanni irratti waliigalanitti gargaaramuun waan tokkorratti katabuufi waliigaltee uumuu qofaan hiikuun ga'aa akka hin taanedha". kanaafuu, barreessuun, sagaloota qindeessuun jecha uumuu, jechoota qindeessuun gaalee, gaalee walitti fiduun hima ijaaruufi himoota yaada tokko qaban ammoo, keeyyata ittiin ijaaruufi yaadni barreeffamus , qindaa'inaafi kanneen kana fakkaatan guuttachuu qaba. Kana jechuun namni waan tokko barreessu, calliseetuma kan wantoota walitti saansuru osoo hin taane , seera caasaa afaanichaas beekuun dirqama akka ta'e dha.

Byreebe (1988: f.2) jedhamu akkasitti kaa'a. "The symbols should be organized in meaning full way to form words, words to organized paragraph," Barreeffamni tokko barreeffamadha jedhamuuf mallattooleen yookaan qubeewwan walitti qindaa'anii jecha hiika qabeessa uumuu, akkasumas, himoonni walitti qindaa'anii keeyyata uumu.

Akka waliigalaatti barreessuun, yaadota kallattii lachanuu dubbachuufi barreessuu walitti fiduun mallattoo uummanni irratti waliigaletti fayyadamuun, wantoota akka dhagaa, muka, sibiila, waraqaafi kanneen kana fakkatan irratti akkaataa qindoomina seera qabeessaafi caasaa

seera qabuun katabuudha. kana jechuun adeemsi kun, seerota akka seerlugaa, qindoomina afaanichaa, fayyadama sirna tuqaaleefi kanneen kana fakkaatan , eeguun barreeffamuu akka qabuufi wanti barreeffamus, yaada dubbii afaanii kan bakka bu'ee ergaa dabarsu ta'uu qaba. Byrne (1988:f.32) gama isaatiin maalummaa barreessuu yoo ibsu, "Barreessuu jechuun dandeettii yaadaafi ergaa sammuu ofii keessa jiru jechootatti jijjiiruun waraqaarra kaa'uufi dubbisaanis akka nuti hubanne akka hubatu gochuudha" jedhee hiika. Barreessuu barachuun altokko tokko teensii barachuu,hojii mukaafi dandeettii biroo barachuu wajjin kan walfakkaatu jedhanii walbira qabanii kan ibsan Veit,Gouldfi Clifford(1990:f.31) dha. Akka yaada namoota kanaatti, barreessuun hojii guyyaa tokkotti yookiin altokkotti horatamu osoo hin ta'iin, shaakalaafi dhamaatee guddaa kan barbaadu ta'uu isaati.

## 2.1. Faayidaa Barreessuu

Faayidaa barreessuu irratti beektonni garaagaraa yaada garaagaraa hedduu kennaniiru. Akka Nelson (1964: f.1) ibsutti, "Writing is a do it your self job that all must learn for nobody can convenieatly get through life to day with out it. letters, notes, reports, instructions all need to be written and are important way of communicating ideas to other people: we can not rely on speech along".

Akka yaada armaan olii irraa hubachuun danda'amutti barreessuun hojii namni tokko ofiima isaatii raawwachuu maluufi kan namni hundumtuu barachuu qabudha. Yeroo ammaa kan namni kamiyyuu dandeettii barreessuu malee haala mijataa ta'een jireenya gaarii ta'e bira ga'uu hindanda'u. Xalayaaleen, yaadannoowwan, gabaasaafi qajeelfamoonni hundi kan barreeffamuu barbaadaniifi karaalee barbaachisoo yaadannoowwan namoota biroof ittiin dabarsanidha. Dubbii qofaarratti hundoofnee jechuun hin danda'amu. Dandeettiin barreessuu daa'immanirratti xiyyeeffachuun barreessuun akka waa hedduu adda baafatanii beekan taasisa. Barreessuun waanuma sirna barnoota keessa galuu qabuuf jecha kan akka baratamu ta'e miti. Barreessuun barattoonni akka barataniif gargaara. Akkamitti yoo jedhame,barreessuun caasluga, jechamaafi jechoota haarawaa nuti barsiisaa turre akka beekaniif isaan kakaasa. Lammaffaa, yeroo barreessan barattoonni dhimma barreessaa jiran sanarra ce'anii waan biroollee barachuu danda'u. Sadaffaa, barattoonni yeroo barreessan achumaan ammoo waan haaraa tokko hubatu;akkamitti yaada sana ibsuullee ni baratu. Kanaafuu, walitti dhufeenyi cimaan barreessuufi yaaduu gidduu jiru koorsii barnoota afaanii kamiyyuu keessatti barreeffamicha qaama bu'aa qabeessa taasisa.(Raimes 1983).

## 2.2. Adeemsota Barreessuu

Barreessuun dandeettii dubbachuurra tooftaa adda ta’een yaadni kan ittiin ibsamu waan ta’eef baruu barsiisuu keessatti tooftaa adda ta’e barbaachisaaf. Kun kan nu hubachiisu barsiisonni afaanii barattoonni isaanii dandeettii barreessuu akka cimsatan ga’ee guddaa qabu. Haaluma walfakkaatuun, barattoonni barreeffama ga’umsa qabu akka barreessaniif hunda dura gaaffii isaan of gaafachuu qaban: maaliifan barreessa? Eenyuufan barreessa? Osoo hin barreessiin dura eenyu wajjin marii’achuun qaba? Maalis dubbachuun qaba? Kanneen jedhan ta’uu qaba. Gaaffilee kanneenitti aanee wanti barattootni gochuu qaban : barreeffama jalqabaa barreessuu, keessa deebi’uun dubbisuun fooyyessuun, yaada fooyya’e barreessuufi sirreessuun barreeffama dhumaa barreessuu ta’uu qaba.

Walumaagalatti, barattootni dandeettii barreessuu ga’umsa qabu tokko barreessuuf sadarkaalee adeemsa barreessuu kunniinis bakka gurguddoo sadiitti akka qoodaman Hedge(1988) ibsee jira.isaanis: Adeemsa barreessuu duraa, Adeemsa yeroo barreessuufi Adeemsa barreessuu boodaa keessa darbuu qaba.

### 2.2.1. Adeemsa Barreessuu Duraa

Sadarkaan kun yeroo baay’ee karoorsuu yommuu jedhamu; karaa biraatiin immoo, hojii jalqabaa kan ittiin geggeeffamuudha. Garaagarummaan jiraatus barreessuun dura jechuun akka waliigalaatti, adeemsa barreessu keessatti sadarkaa jalqabaati. Innis, barreessuu eegaluu dura gochaawwan garaagaraa kan itti gaggeeffamudha. Matadurree irratti barreessuuf filanne tokkorratti osoo barreessuu hin eegaliin dura, odeeffannoo funaanamuufi karoorsuun barbaachisaadha. Sadarkaa kana keessatti yaadni irratti barreeffamu tokko ni madda. Yaadni maddisiifames, dhimmaafi kaayyoo barreeffama yaadame sanaa wajjin deemuufi dhiisuun isaa ni madaalama. Dhimma kanarratti hayyuun Donoughfi Shaw (1993:f.181) namni adeemsa barreessuu keessatti jalqabarratti yaada isaa barreessuu yaala; itti aansee immoo duraa duuba eegee kan sirrii hin taane haquun fooyyessa jedhu.Yommuu barreessinu, waan tokkorratti yaada tartiibessuun kan danda’amu, odeeffannoo funaanuun marii gaggeessuufi yaada waljijjiiruun gocha barreessuu raawwachuun ni danda’ama. Qabiyyee barreeffama keenyaarratti hundaa’uudhaan yaada walta’iinsa qabu qindeessuun barbaachisaa ta’a. Jalqabarratti yommuu barreeffama keenya qopheessinu yaada qindaa’aa ta’e qopheessuun nu rakkisuu danda’a. Haata’umalee, sadarkaa kanatti fooyyessuuf baay’ee dhama’uun barbaachisaa miti. Kanaaf,

sadarkaa kanatti barreessuu waanuma sammuu keenya keessatti jiru odeeffannoo qabnu irratti hundaa’uudhaan karoorsuu qabna. Haaluma walfakkaatuun, Donoughfi Shaw,(1993) akka ibsanitti, sadarkaan barreessuun duraa keessati barreessaan waanuma yaade yookiin itti dhaga’ame tokko waraqaarra kaa’uudhaan karoorsuu qaba. Akkasumas, yeroo barreessuuf karoorfatu, yaada maddisiisuun barreeffama isaa galmaan gahuuf sadarkaa adeemsa barreessuutti akka ce’u taasisa.

### 2.2.2. Adeemsa yeroo barreessuu

Sadarkaan adeemsa barreessuu inni lammaffaa, mataduree barreeffamichaa jalatti yaada karoorsine bifa barreeffamaatiin bal’inaan ibsuudha. Muuxannoofi odeeffannoo qabnurratti hundaa’uudhaan sadarkaa barreeffamaa eegnee waraqaarratti barreessuudha. Bittinger fi warren biroo,(1993) akka ibsaniitti, sadarkaan yeroo barreessuu bakka itti barattootni waan hubatan tokko haala gaarii ta’een barreessuuf itti yaadanidha. Haayyuun Richards,(1990:f.190) yaada kana yoo cimsu akkana jedhee ibsa, “Yeroon barreessuu bakka itti yaada jalqabaa waraqaa keenyu” jedha. Sadarkaa kanatti barattootni rakkoo sirna tuqaalee, seerlugaa, jechoota filachuu, qubeessuufi qubguddeessuu isaan mudatan furuuf bay’ee muddamuu hin qaban jedha. Sadarkaa kanatti barattootni yaada sammuu isaanii keessa jiru waraqaarratti kaa’uu malee dogoggoroota qubeessuu, sirna tuqaalee, qubguddeessaa, jechoota filachuufi seerluga sirreessuuf baay’ee dhiphachuu hin qaban.Walumaagalatti, adeemsa wayitii barreessuu kana keessatti, barattootni yaada tooraan kaa’an walitti fiduudhaan gara himaatti olguddisanii, hima immoo gara keeyyataatti, dhumarrattis gara barreeffama guutuutti olguddisanii barreessu. Barattootni yeroo akkas irradeddeebi’anii yaada walitti qabanii barreessan waan dagatanillee yaadachuun barreeffama isaaniitti dabaluu danda’u.

### 2.2.3. Adeemsa Barreessuu boodaa

Dalagaa barreeffama ofii irra deddeebi’anii sirriitti dubbisanii fooyyessuun, adeemsa barreessuu keessatti isa guddaadha. Kunis barreeffama keenya akka madaallu nu taasisa. Barreeffama tokko keessa deebi’anii fooyyessuun wantoota hedduu of keessatti qabata. Wantoonni kunniinis: barreeffamicha keessatti yaadni hin barbaachifne yoo jiraate, keesssaa haquu, kan baay’ee murteessaa ta’ee keessaa hafe itti dabaluu, yaada tokko iddoo tokkoo kutanii yookiin haqanii iddoo biroo galchuu fa’idha Kanamalees, sadarkaa kanatti barreeffamicha keessa deebi’anii dubbisuun dogoggoroota akka qubeessuu, sirna tuqaalee, qubguddeessaa, irra deddeebii

jechootaa, seerlugaafi qindoomina himootaa gulaaluu barbaacisa. Dabalataanis, sadarkaa kanatti barreeffamicha keessa deebi’anii dubbisuudhaan dogoggoroota akka caasaa himaa, jechoota hiikni isaanii ifa hintaanee, qubeessuufi sirna tuqaalee sirreessuu barbaachisa. Akkasumas, sadarkaa kanatti, barreeffamicha ergaa guutuu dabarsuufi dhiisuusaa ilaalama. Kana malees, akkaataa barreeffamichi sun dubbistootaaf itti dhiyaachuu qabu sadarkaa kanatti ilaalama.

## 2.3. Ulfaatina Barreessuu

Dandeettiiwwan afaanii arfan bu’uuraa keessaa barreessuun barattoota afaan tokkoffaafis ta’ee afaan lammataa barataniif ulfaataadha. Kanarratti hayyuun John Norrish (1983:f.63) akkas jedha,“Dandeettiin Barreessuu barataadhuma afaan sanatti dhalatettiyyuu ni ulfaata. Akkasumas baay’een isaanii afaanicha osoo hin gabbifatiin hafu, kun immoo sababa dandeettiin barreessuu uumamaan ulfaataa ta’eef dogoggoraaf baay’ee saaxilamaadha.” Raimes (1983:f. 4-5) akka jedhutti,“Dandeettiin dubbachuu salphaa waan ta’eef yeroo gabaabaa keessatti gabbifachuu dandeenya” jedha.Garaagarummaan jiru yoo jirate looga irrattidha malee alidilee irra deddeebi’anii dubbachuun qindoomina hinbarbaadu.Sababa abbaan dhimmaa yookin dhaggeeffataan bira jiruuf akka fedhetti dafee walii galuu nidanda’a.Wantoota sochii qaamaan walqabatan sagalee olkaasuufi gadi buusuun waan haasa’aaniif barreessuu caalaa salphata.Garuu barreessuun seerluga qinda’aa akkasumas, filannoo jechootaa, qindoomina himaafi k.k.f ofeeggannoon fayyadamuu gaafata

.Barreessuun yeroo barattoonni akka waa barreessaniif ajajaman sirriitti akka qindeeffataniif bars iisaan deeggeru qaba.Yommuu barreessinu dhuunfaadaan waan barreesinuuf dogoggora uumuu dandeenya. Dogoggora uumamaniif wantoonni bu’uura ta’an sadiitu jira jedha Byrane (1988:f.4). Isaanis: Rakkoo hubannoo akka dubbannu osoo hin taane barreessuun xiyyeffannoo waan barbaaduuf, akkasumas qabiyyee irratti barreessinu sana filachuu, waraqaa irra teessisuufi ofiin of soroorsuu waan gaafatu baay’ee ulfaataadha.Yeroo baay’ee hojii barreessuu keessatti barattootni yommuu barataniifi shaakala taasisan rakkoo gurguddaatu isaan mudata.Isaanis: hima sirrii ta’e jechoota qubee sirriifi seerluga qindaa’aa ta’een ijaaranii yaada dabarfachuu dadhabuu, hima sana immoo gara keeyyataatti deebisanii ergaa isaanii guutummaan guutuutti dabarfaachuu dadhabuufi waan kana fakkaatanidha.Hima sirrii ta’een keeyyata barreessine jennaan dandeettiin barreessuu keenya gabbate jechuudha.

## 2.4. Dandeetti Barreessuu Daree keessatti Barsiisuu

Barreessuun, dandeettilee afaanii keessaa barattoota afaan lammataa barataniif qofa osoo hintaanee kanneen afaan tokkoffaa barataniifuu baay'ee rakkisaa ta'uu isaa beekamaadha Kanaafuu, gaheen barsiisaa barattoota gargaaruufi qajeelchuurratti gama adeemsa barreessuutiinis ta'e barreeffamaa qophaa'e tokko akka hordofan gochuun hedduu barbaachisa (Nunan,1990). Haata'umalee, haalli gorsuufi jajajabeessuu barsiisotni barattootaaf godhan gama lamaaniinuu yoo ta'eyyu, irra caalaa gama adeemsa barreeffamaatiin ta'u qaba. Kanaafuu, barattootni akka dandeettii barreessuu isaanii gabbifataniif maal gochuutu barbaachisa yaada jedhuuf Raimes (1983), tooftaalee dandeettii barreessuu itti barsiisan kallattii addaddaatiin keessi. Fakkeenyaaf, barreessuu barsiisuudhaaf karoorri barbaachisaadha jetti.

Barreessuu daree keessatti barsiisuuf tooftaalee adda addaa fakkeenyaaf, tooftaalee fakkiifi, dubbisatti gargaaramuu, tooftaalee barreeffama qabatamaa tokko barsiisuu, tooftaalee barreeffama tokko itti barsiisaniifi tooftaalee barreeffama barattootaaf yaad-deebii itti kennan beekuufi itti fayyadamuun, dandeettii barreessuu barattootaa gabbisuurratti gahee olaana akka qabu hayyoonni bifa garagaraan bal'inaan ibsuun kaa'anii jiru (Raimes, 1983:f.27- 139). Tooftaaleema dandeettii barreessu ittiin barsiisan kana ammoo, sadarkaa barnoota barattootni irra jiraniirratti hundaa'uun bakka sadiitti qoodanii barsiisuudha kanneen jedhan keessaa Adrian Doff (1988) isa tokkodha.

Namni kun tooftaalee barreessuu barsiisuu kanas: barreeffama to'annaa, barreeffama qajeelfama irratti hundaa'eefi barreeffama walabaa jechuun qoqqoodee kaa'e. Akka yaada nama kanaatti, tooftaa barreeffama to'annaatiin kan barsiifamuu qaban, barattoota sadarkaa tokkoffaadha jedha. Haalli kun ammoo, barattoota kutaa 1-8 ta'uu isaaniiti. Gochaalee barreessuu as keessatti shaakalamuu qabanis barreeffama harkaa, qubeewwan garagalchuu, qubeewwan walitti fiduu, jechootaafi himoota sasalphoo yookiin himoota dachaa barsiisudha jedha. Akkasumas, gilgaalota kitaaba barataarra jiran akka garagalchan gochuufi dubbisuufi akka barreessan gochuunillee gochootuma barreeffamaa tooftaalee kanaan baratamuu qabanidha jechuun yaada isaa ibsa. Tooftaalee sadan keessaa inni lammataa, barreeffama qajeelfamarratti hundaa'een barsiisuudha. Haala barsiisuu kanas, barattoota kutaa 9ffaa-12ffaatiif kan oolu ta'uusaa addeessa. Barsiisaan tooftaa barreessuu kana kan filatus akkuma barattootni dandeettilee bu'uuraa kanneen akka himoota barreessuu erga beekanii booda dha. Sana booda, barattootni to'annaa barreeffamaa

guutummaan guutuutti ta’u jalaa gar-tokkeen bahanii gara bilisaan keeyyata fedhan barreessuutti ce’u jechuudha.

Akka yaada Raimes (1983:f.6)itti, barreeffamni to’annaa barattoota sadarkaa tokkoffaaf dhihaachuu qaba. Barreeffamni qajeelfama irratti hundaa’e ammoo, barattoota giddu galeessa sadarkaa lammaffaaf yookiin kutaa 9ffaa-12ffaatiif kan dhihaatudha. Akkasumas, barreeffamni walabaa yookiin bilisaa barattoota sadrkaa olaanaa jechuun qoqqoodee kaa’uuf yaale.

Haata’u malee, haala qoqqooddii isaa kanaan inni tokko isa tokko keessatti hinargamu jechuu akka hintaanes ni ibsa. Garuu, Atkins, Hailomfi Nura (1996:f. 153) barreeffama qajeelfamarratti hundaa’e kana, kutaa 9-10fi kan isa walabaa ammoo, kutaa 11-12 yookin isaa oliif jedhaniitti kaa’u. Haalli yaada armaan oliifi kanneen kana fakkaatan kan isaan tooftaalee yookiin gochaallee barreessuu jedhanii akkaataa ulfaatina isaaniitiin qoqqoodanii kaa’an, kaayyoo tokko fiixaan baasuufidha. Kaayyoon kunis barattoonni haala kanaan sadarkaa sadarkaadhaan yoo baratan,barreeffama gahaa tokko qopheessuu akka danda’aniif jechuudha. Barreeffama gahaa kan jedhamu ammoo, qunnamtiin yaadaa ifaa, qulqulluufi cimaa ta’e barreessaafi dubbisaa yookin dhaggeeffataa jidduu yoo jiraatedha. Kanaafuu, gaheen barsiisaa tooftaalee barreesuutti fayyadamee barsiisuu qabu tokko waan akka salphaatti ilaalamu miti jechuudha.

## 2.5. Barreeffama Barattootaa Madaaluu

Waa’ee dandeettii barreessuu barattootaa ilaalchisee, madaalli taasifamu yoo fudhanne, gama lamaan akka ilaallu nu taasisa . Innis, gama dandeettii barreessuu barattootaa gabbisuu yookiin ammoo, dandeettii isaanii kana doomsuutiin jechuudha. Haala kana ilaalchisee, White (1994:f.142) akka armaan gadiitti yaada isaa ibsa. “Gahumsi yookiin dandeettiinifi tooftaan barsiisaan barreeffama barattootaa madaalu sanaa murteessaadha” jedha. Sababni isaas, barsiisaan sun seeraan barreeffamicha hinmadaalle taanaan, dandeettii barreessuu barattootaa irratti dhiibbaa badaa fiduufi madda hanqina dandeettii barreessuu isaaniillee akka ta’udha. Gama birootiin ammoo, haala barbaachisaa ta’een dogoggora barreessuu isaan uuman akkaataa isaan itti sirreeffachuu qabaniin yoo madaalle dandeettii isaanii gabbifachuu akka danda’ani godha. Qormaanni filannoo kan jalqabaafi dhuma sagantaa barnootaa keessatti dandeettii barreessuu barattootaa madaaluuf kennamu baay’ee balaafi rakkisaa akka ta’e White (1994) ni ibsa. Sababni isaas, haalli madaalli akkanaa dandeetti barreessuu barattootaa madaaluuf osoo hinta’iin, shaakalaafi barumsa yeroo gabaabaa keessatti kennameef ammam

akka hubatan beekuuf gargaara. Keessumattuu dandeettii sadarkaa gadaanaa akka salphaatti qoratamuu danda'u beekuuf kan kennamudha jedha.

Raimes (1983) ammoo, haala madaallii barreeffama barattootaa kana ilaalchistee adeemsa tooftaalee barsiisotni yaad-deebii itti kennuu qaban ibsiti.Yaad-deebii yookiin hojii barreeffamaa barataan tokko qopheessu sororuu ilaalchisee mallifi ilaalchi barsiisotaa akkuma beekamu hanga tokko haala dhihaannaa afaan barsiisuu isaaniifi haala barnootaa isaan akka waliigalaatti keessatti hojjetaniin murteeffama. Ta'us, gaheen barsiisaa inni guddaan yaada kennuu danda'uuf barruu qophaa'e sana gadi fageenyaan madaaluudha. Haalli kun ammoo, qalama diimaatti gargaaramuun hojii barreeffamaa barataa tokko dogoggora isaa argisiisuun yookiin sirreessuun deebisuun barsiifata akka ta'etti ilaalama .

Haata'u malee, haala dhihaannaa barreeffamaa ilaalchisee, gama ilaalcha adeemsabarreeffamaafi barreeffama dhumarratti yaad deebiin kennamu nigaraagara. Akkasumas, gama ilaalcha barsiisaa tiinis ta'e kutaa barnootaatiin, ulagaan sororuufi sakattahuu barreeffama barataa karaa adda addaa ilaalamu qaba(MCDonoughfiShaw,1993:f.189).Barreeffamaabarataanbarreessaa jiruufi barreessee qopheesse sana sakatta'uun, sorouruun, sirreessuun yookiin yaad deebii kennuun, barreessuu barsiisuu keessatti meeshaalee baay'ee barbaachisaa ta'edha. Akkasumas, kutaa barreessuu barsiisuu kamiyyuu keessatti ga'ee olaanaa taphata.

Kanaafuu,barsiisaan barreessuu akka qaama barsiisuutti fayyadamu kamiyyu, gochaalee dandeett ii barreessuu gabbisuu danda'an hedduu barattootaaf kennuu qaba. Kennuu qofa osoo hintaane, abbaltii sana ibsuufii, barreeffama isaanii ilaaluun akka keessa deebi'anii hojjetan gargaaruufi yaad-deebii barbaachisaa ta'e kennuufii akka qabudha (White,1994:f.1). Haata'u malee, gama birootiin ammoo, kutaa bal'aa yookiin kutaa barattootni 70-80 ta'an keessatti barreeffama tokkoo tokkoo barattootaaf yaad-deebii yeroo hunda kennuun kan dhugaa hintaanedha. Sababa hanqina yeroorraa kan ka'e jechuudha. Kanaafuu, furmaata jedhamee kan taa'uu danda'u, yaad-deebii gareetiin kennamuufi barattootumti waliif kennanidha jechuun (MCDonough fi Shaw, 1993:f.24-25, akkasummas, Atkinsfi hiriyootni isaa, 1996:143) ni akekkachiisu.

Akka waliigalaatti, yaadolee armaan oliirra waan hedduu hubachuun ni danda'ama. Kunis, barreeffama barataa haalaafi tooftaa barbachisuun sakatta'uun,sororusuun,madaaluun, yaad-deebii kennuun yookiin sirreessuun qaama dandeettii barreessuu barsiisuu keessaa isa guguddaadha. Kanaafuu, dhimmootni armaan olitti ka'an kun akka barattootni dandeettii barreessuu isaanii gabbifatan gochuurratti gahee olaanaa taphachuu akka danda'antu hubatama.

## 2.6 Maalummaa Keeyyataa

Keeyyanni haala seera qabeessa ta’een walitti qindaa’uun jechootaan kan ijaaramu ta’ee yaada tokko yookiin ergaa tokko kan dabarsudha. Kana jechuun, keeyyanni hima yookiin ergaa tokko qaban walitti qindeessuun ijaarama jechuudha. Getaachoo Rabbirraa,(2019). Qorannoo kana keessatti waa’ee keeyyataa kaasuun barbaachisaadha. Qabanni isaa barreeffamaafi keeyyanni dhimma murteessaa ta’ee waan mul’atu fakkaata.

Waa’ee keeyyataan walqabatu irratti hayyoonni adda addaa yaada walfakkaatu laatu. Namoota kanneen keessaa Yohaannis (1966:f.277) “Keeyyatni tuuta himoota irraa kan ijaarame ta’ee waa’ee dhimma ijoo tokko qofaa kan dubbatu, ibsu, addeessu, amansiisuuf yaalu, seenessu ta’e dha.” jedha. Yaaduma kanaan walitti dhiyaatu Geetaachoo (2008:f.119) yoo ibsu ammoo, “keeyyatni walitti qindoomina himootaa ta’ee yaada handhuuraa tokko kan dabarsudha.” jedha. Hayyootni kan biraas hiika keeyyataa himootaan wal bira qabanii ibsanii jiru. Fakkeenyaaf, Rorabacher(1965:f.170) akka armaan gadiitti ibsuuf yaaleera.

“Jechi kutaa yaada isaa xiqqaadha, himni ammoo, garee jechootaa sana walitti fiduun yaada guutuu kan ibsu yoo ta’u, keeyyatni ammoo, garee himootaa yaada gabbisaniiti. Dhaamsi kitaabaas ta’e kan barreeffama kana irra adda hinta’u.” Yaada kana irraa wanti nuti hubannu keeyyatni ergaa barreeffamaatis ta’e, kitaabaaf bu’uura ta’uu isaati. Keeyyanni haala seera qabeessa ta’een walitti qindaa’uun jechootaan kan ijaaramu ta’ee yaada tokko yookiin ergaa tokko kan dabarsudha. Kana jechuun, keeyyanni hima yookiin ergaa tokko qaban walitti qindeessuun ijaarama jechuudha. Getaachoo Rabbirraa,(2019)

## 2.7 Faayidaa Keeyyataa

Keeyyatni faayidaa guddaa qaba. Faayidaan isaas, himoota yaadaan walfakkaatan gurmeessuun dubbistoota karaa qabsiisuufi barreeffama keenya gabaabsinee barreessuun dubbistootaaf mijeessuudha. Kana malees, keeyyanni karaalee ogummaa barreessuu ittiin gabbifatan keessaa isa tokkodha. Ogummaa keeyyata gaarii tokko gonfachuufis hubannoo keeyyata irratti qabnu barbaachisaadha. Addunyaa (2008, f.147). Kanaafuu keeyyanti haala gaariin qindaa’ee barreeffame, odeeffannoo dabarsuufi dubbistootatti haamilee horuuf ni gargaara. Kana malees, keeyyata barreeffame tokko bu’uura godhachuun kan biroo barreessuuf fayyada. Gabaabumatti yaada handhura ta’e tokko qabatee fakkeenyaan deeggaruun babal’isuun ergaa kan dabarsuudha.

## 2.8 Caasaalee Keeyyataa

Keeyyatni tokko keeyyata jedhamuuf caasaalee mataasaa danda'e qabaachuu qaba.Caasaalee keeyyataa akka Geetachoo, (2008:f.119) jedhutti, casaaleen keeyyataa tajaajila kennan irratti hunda'uun bakkaa sadiitti qooda. Isaanis.

### 2.8.1. Hima ijoo

Hima ijoo jechuun keeyyata tokko keessatti yaada keeyyatichaa guutummaatti hammatee yookaan keeyyata sana jiran keessaa dimshaasha kan ta'eefi yaada handhuuraa qabatedha. Caasaan keeyyataa kun yaada barreessaan keeyyata sana keessatti dabarfachuu barbaade yaada dimshaashaa fi handhuura ta'e kan of keessatti qabatudha. keeyyata tokko keessatti yaada keeyyatichaa guutummaatti dimshaashaan yaada handhuuraa kan qabatedha. Akka Leving, (1966:f.76) jedhutti, "keeyyata barreessuun dura barattootni himni ijoo maal akka ta'eefi eessa akka taa'uu qabu barsiisuun dirqama."

Yaada kana irraa wanti nuti hubannu himni ijoon haala sirriin bakka galuu qabutti yoo galchine ergaan keenya hin danqamu. Yaaduma kanaan kan walqabatu keeyyata keessatti hima ijoo bakka afuritti qooduun bifa salphaa ta'een dubbisaa barreeffama keenya hubachiisuu dandeenya. Getaachoo Rabbirraa (2008:f.119) himni ijoo keeyyata tokko keessatti bakkee murta'aa ta'e qabata.kanaafis, himni ijoo barreeffama tokko keessatti bakkee adda addaa afur qabatee argamuu ni danda'a. Isaanis:

- Hima ijoo jalqaba keeyyataarratti
- Hima ijoo dhuma keeyyataarratti
- Hima ijoo gidduu keeyyataarrattiifi
- Hima ijoo jalqabaafi dhuma keeyyataarratti argamuu ni danda'a.

### 2.8.2. Hima callaa yookiin gargaartuu

Himoonni callaa caasaa keeyyataa ta'anii keeyyata tokko keessatti hima ijoo kanneen ibsanii fi babal'isanidha. Himni callaa yookiin gargaartuu keeyyata keessatti argaman ibsoota murtaawoodha. Himoonni calla kun hima ijoo keeyyata keessatti argamu sana:

- Yaada handhuura ta'ee hima ijoo keessa jiru sana yaada murtaawaan kan ibsaaniifi babal'isanidha.
- Haqootaan,fakkeenyotaaniifi yaadota amansiisaan kan ibsanidha.
- Gaaffilee hima ijoo keessatti ka'an kanneen deebisanidha.

### 2.8.3. Hima goolabaa (hidhaa keeyyataa )

Himni goolabaa akkuma hima ijoo fi hima callaa caasaa keeyyataa ta'ee,keeyyata tokko keessatti yaada dimshaashaa keeyyata  jechoota birootiin cimsuun keeyyaticha kan gudunfudha.himni goolabaa hima keeyyata tokko goolabu yookiin hidhaa keeyyataa jedhamuun beekama.

Walumaagalatti, keeyyata yaada keenya bakka bu'ee ergaa nuuf dabarsu tokko barreessuuf caasaalee keeyyataa armaan olitti kaa'aman kanneen hubachuun gaariidha.

## 2.9  Gosoota keeyyataa

Keeyyatni qabiyyee isaa yookiin kaayyoofi tajaajila  irratti hundaa'uun gosoota afuritti qoodama. Isaanis:

### 2.9.1. Keeyyata Addeessaa

Keeyyatni addeesssaa keeyyata barreessaan jechoota addeessitoota yookiin ibsitoota fayyadamuun waan hubate tokko akka fakkiin isaa sammuu dubbisaatti dhaga'amu gochuun barreessuudha. Keeyyatni addeessaa bifa lamaan ibsama. kunis, akkuma jirutti addeessuufi wanta argine akka dhageettii keenya tuqetti addeessuudha. Kana yeroo jedhamu; wantoota, ta'insoota, gochoota akka arginee nutti dhagahametti  barreessuun namni biraa akka keenya akka hubatu jechoota sammuu suuraa namaa keessatti kaasuu jechuudha. Qabxiileen keeyyata addeessaa keessatti hubatamuu qaban; hubannoo, bakka irraa  addeessaniifi jechoota waan sana agarsiisan filachuu fa'i.

### 2.9.2. keeyyata Seenessaa

Gosti keeyyata kanaa ta'iinsa adda addaa, gochaafi adeemsa duraa duuba waan tokkoo yeroofi bakkaan qindeessee kan dhiyeessudha. Seenessaa jechuun seensuun karaa itti yaada tokko namatti dabarsan keessaa tokko ta'ee, seenaa dhugaa ta'e yookiin kan argaa yaadaa jalqaba,gidduufi xumura gaariitiin barreessuu jechuudha jechuun ibsa. Geetaachoo Rabbirraa (2008:f.127) Keeyyata ta'insoota, gochootaafi qunnamtoota xumura tokkotti adeeman gabaasuu jechuudha. Keeyyatni seenessaa, akka yaa'insa isaa eegnee seenessinuuf nu gargaara. Keeyyatni seenessaa gocha, taatee fi jechoota ibsaa midhagoo ta'an of keessaa qaba. Keeyyatni kun dubbistootni akka si'atanii dubbisan taasisa. Keeyyatni seenessaa kun keeyyata ibsaa waliin walfakkaata.Garuu, keeyyatni seenessaa, Seenduubee dubbistootaaf dhiyeessa.Kunis,taateewwan darban yookiin sababoota taatewwan kun raawwatan kaa'a. Keeyyatni kun barreessitoota asoosama barreessaniif baay'ee barbaachisaadha. Akka dubbistootni fakkii isaa ilaalan taasisa. Dabalataan akka Boardman (2000) jedhutti, "keeyyanni seenessaa waa'ee seenaa dhimma tokkoo karaa salphaa ta'een Kan kaa'u keeyyata seenessaa" jedhama. Gosti keeyyata kanaa irra guddeessa kan ibsu waa'ee taatee ta'ee darbe tokko kan ibsuudha.

As keessatti gurmaa'insa walfakkaataa keeyyata biraa wajjin kan qabudha. Kana jechuunis hima mataduree, hima deeggaraafi hima xumuraa hundi gurmaa'anii yaada walfakkaataa dabarsu jechuudha. keeyyata seenessaa keessatti cehumsa addaa kan tartiiba himoota utubaa kan qaama keeyyatichaa keessatti argamaniiti.Cehumsi kunis haala kanaa gadiitiin ibsame. Tokkoon tokkoo cehumsaas mallattoo qoodduutiin kan adda bahu ta'uu hubachuunis barbaachisaadha.

### 2.9.3. Keeyyata Ibsaa

Keeyyata ibsaa yommuu jedhamu gosa keeyyataa ta'ee yaadota, wantootaafi haalota itti ibsuuf kan nama gargaarudha. keeyyatni ibsaa kan madaalamu dhugaatiini. Kana jechuun dhugaa irratti hundaa'ee barreeffama jechuudha. Gaaleewwan ibsituu qaamolee miira keenyaa shananiin beekuu dandeenya. Akkamitti wantootni akka nutti beekaman, urgaa'an, sagaleeffaman,dhandha mamaan yookiin fakkaatanidha. Jechoota ibsuu caalmaan fayyadamuudhaan fakkii sammuu dubbistootaa keessatti kaasuu jechuudha. Keeyyata ibsaa gaariin dubbistootni akka wanta barreessaan barreesse akka waan muuxannoo isaa qabanitti mul'isa. Keeyyatni ibsaa asoosama barreessuu keessatti humna guddaa qaba. Keeyyanni kun yoomessa seenaa keessatti itti gaafatamummaa qaba.

Yaaduma kana ilaachisee Amiri (2008) akka jedhutti yemmuu keeyyata ibsaa kana barreessinu

miira yookiin nam-fakkii jechoota keessa jiraniin kan walqunnamnudha. Jechuunis waan tokko maal akka fakkaatu, sagaleessa, foolii, miiraafi dhandhama waan tokko keeyyaticha keessatti ibsina. Fakkeenyaaf, yoo taatoon filmii tokkoo bareedduu taate, odeeffannoon itti aanee dhufu hamma taatoon fiilmichaa bareedduudha; Kan jedhu ka'unsaa hinoolu. Kaayyoon keeyyata kanaa inni guddaan lamaan beekumsa kennuufi qajeelcha kennuudha.

### 2.9.4 Keeyyata Amansiisaa

Keeyyatni amansiisaan keeyyata barreessaan akka dubbistootni yaada isaa amananiif yookiin fudhataniif dhugaa jiru tokko fakkeenyaafi sababoota adda addaatti gargaaramuun yaada namootaa gara mataa isaatti fiduuf barreessudha. keeyyata amansiisaa keessatti yaadni barreeffamu ilaalcha yoo ta'e ragaadhaan deeggaramuu qaba. Haqa yoo ta'e garuu, raga hin barbaadu. Keeyyatni kun odeeffannoo dhugaa kan yaada barreessaa deeggaru ofkeessaa qaba. Keeyyatni akkasii kun haasawaa yookiin gulaallii barruu kan galmi isaa amansiisu ta'e keessatti ni argama. Asoosama keessatti dubbistoota amansiisuuf keeyyata kanatti fayyadama.

## 2.10 Qajeelfama dandeettii keeyyata barreessuu

Keeyyata barreessuu keessatti barsiisaas ta'e, hayyootni qajeelfama garaagaraatti fayyadamuun yommuu barreessan ni mul'ata. Garuu, irra caalaan isaanii bakka itti waliigalan qabu. Akka Baayireen(1988) kaa'etti qajeelfamoota armaan gadii kaa'ee jira. Isaanis:

### 2.10.1 Kan Sirreessuu irratti xiyyeeffatu

Barattootni yommuu keeyyata barreessan dursi Kan kennamuuf ofuma isaaniitiin akka sirreessan,itti aansee hiriyyaan isaanii akka isaanii sirreessan dhumarratti barsiisaan akka sirreessuu taasisuu ta'a. Kanaafuu,yaada keeyyata keessatti barreessinu namoota biroof karaa qajeelchuuf,itti agarsiisuuf, amansiisuuf ,hubachiisuuf kan gargaarudha.

### 2.10.2. Kan yaada ofii ibsuu irratti bu'uureffatu .

Keeyyata barreessinu keessatti waan barreessaatti dhaga'amee, hubachiisuuf barbaade,miira itti dhaga'ame yaada mataa isaaniitiin Kan ibsu yoo ta'edha.

### 2.10.3. Barreeffama irratt kan xiyyeeffatu

Barreessan tokko mata duree adda addaa irratti keeyyata gosa garaagaraa barreessuu danda'a. Kanaafuu, barreeffamni isaa kun ibsaan, addeessaan, fakkeenya kennuun,waldorgomsiisuun nidanda'ama.

### 2.10.4. Kayyoorratti Kan xiyyeeffatu

Namni barreeffama adda addaa barreessu kaayyoo mataa isaa ni qaba. Kanaafuu, keeyyatni inni barreessu kaayyoo sanaan alas deemuu hindanada'u .

## 2.11 Amaloota keeyyataa

Dandeettiiwwan afaanii arfan adda baafamanii hin barsiifaman yoo ta'ellee, dandeettii barreessuu wanti adda taasisu keessaa himoonni barreeffama keessatti argaman haala qindoomina qabuufi ergaa dabarsuu danda'aniin qindaa'anii dhihaachuu qabu. kunis, kan ta'uu qabuuf barreessaafi dubbisaan waan wal bira hin jirreef, yaadni barreessaa himootaafi jechoota sirriin bakka sirrii ta'anitti galanii hin barreeffamne taanaan dubbisaan yaada barreessaa hubachuu hin danda'u;yookiin ammoo, yaadni barreessaafi dubbisaa walbira darba jechuudha.

Barreeffamni gaariin ibsoota maqaafi ibsoota xumuraa walxaxoo ta'an kan hin fayyadamne, jechoota ifoo ta'an kan ofkeessatti qabatudha. Kana malees, barreeffamni tokko himoonni seeraan barreeffamuu qofti barreeffama ifaa hin taasisu; kanaafuu, himoonni seeraan qindaa'anii walqabatiinsa yaadaa eeganii kan barreeffaman ta'uu qabu. Barreessuun sirna tuqaalee,qub-guddeessa,jechoota waalta'oofi xiyyeeffannoo agrsiisanitti dhimma bahuun yaada ofii ifa gochuu dha.Gray (1987:f.472). Byrne.D.(1988).

Yaada kanatti dabaluun Diyani and Pat (1998:f.4) amaloota barreeffama gaarii yoo ibsan barruun tokko barreeffama gaarii jedhamuuf Amaloota inni qabaachuu qabu keessaa: tokkummaa, guutummaa, walhidhatiinsa, xiyyeeffannaafi tartiiba fa'i. Yaada kana deeggaruun Addunyaan (2014:f.149) "Keeyyatni gaariin tokko ulaagaalee kanneen keessaa muraasni ;tokkummaa, guutummaa,walhidhatiinsafi tartiiba ta'u." Yaada kana irraa wanti hubatamu,namni barreessu tokko barreeffamni isaa barruu gaarii akka ta'uuf,dursee ulaagaaleefi amaloota barreeffama gaarii beekuun barbaachisaadha.

### 2.11.1. Tokkummaa

Keeyyatni tokko tokkummaa qaba kan jedhamu yaadni himoota keeyyaticha dhihaatan hundinuu yaada ijoo keeyyatichaa wajjin yoo walqatanidha.

Tokkummaa ilaalchisee Addunyaan (2014:f.149)

> Hariiroo himoonni ijoofi himoota kanneen biroo keeyyata tokko keessatti argamanii ilaallata. keeyyatni tokko tokkummaa qaba kan jedhamu yaada hima ijoo keessatti dhihaate himoonni gargaartuufi himni goolabaa yoo tumsani dha. Tumsi himoota keeyyata tokko ijaaranii kun ammoo, ergaa darbu sanaaf humna ta'a. tokkummaan humna kan jedhamuufis qabata kanaani. Keeyyatni tokkummaa hin qabne ergaa barbaachisu dabarsuuf humna dhabuurra darbee dubbistoota nuffisiisa jedha.

Kanaafuu,barreeffamni tokkummaa qabu dubbistoota hin rakkisu. Dubbistoonni barreeffama tokkummaa qabu yoo dubbisan haaluma salphaa ta'een hubatu. Kana jechuun salphaatti keeyyata tokkorraa keeyyata biraatti akka ce'an isaan taasisa. Barruun tokkummaa hinqabne garuu, dubbisuudhaaf nama rakkisa. Kana malees, dubbistoonni kaayyoo barreeffamichaa hubachuu akka hin dandeenye taasisa. Crimmon(1963)

### 2.11.2. Guutummaa

Addunyaan (2014:f.150) "Guutummaan keeyyata tokkoo eegamuun galmaan ga'uu ergaa dabarsuu barbaanne tokkootiif gumaacha guddaa taasisa. Kana jechuun yaadni hima ijoo keessatti dhihaatu tokko ibsamee fakkeenya barbaachisuun deeggaramee xumuramuu qaba. Kana ta'uu bannaan qaawwa tokko uumuun hubannaafi midhaginatti gufuu ta'a" jedha. Yaadni kun kan nama hubachiisu, barreeffamni tokko kaayyoo barreeffmuufi hima ijoo mataasaa ni qabaata. Kanaafuu, guutummaan barruu sanaa jalqabaa hanga xumuraatti waa'ee hima ijoo isaa irratti hundaa'uun barbaachisaa dha.Guutummaan barruu tokkoof barbaachisaadha. Barruu guutummaa qabu kan beekamu ergaa yookiin yaadni barreeffamichi dabarsu dubbisaaf sirriitti akka hubatamu yoo ta'edha.

### 2.11.3. Walhidhatiinsa

Waldhata'iinsi ulaagaa barreeffamni tokko barreeffama gaarii jechisiisan keessaa isa tokkodha. Kun ammoo, ta'uu kan danda'u himoonni gargaartuu keeyyata tokko keessa jiran hima ijoo keeyyaticha keessa jiru ibsuu yoo danda'e dha.

Yaadni keeyyata adda addaa keessatti dhihaatu yaa'insa yaadaa walqabatee kan hin deemneefi addaan ciccitaa yoo ta'e, dubbistootni yaada tokko otoo sirriitti hin hubatiin gara yaada haaraatti qalbii isaanii waan ceesisuuf nuffiin itti dhaga'ama. Kanaafuu, barreessaa tokko walqabatiinsa yaadaafi keeyyata isaa haalaan beekuun barbaachisaadha.

Yaaduma kana kan cimsu Addunyaa (2014:f.149) Walhidhiinsi shoora waliingaan jechootaa, gaaleewwan,himootaafi yaadolee keeyyata tokko ijaaran keessatti taphatu ilaallata. Waliigota kana keessaa muraasni: Qabsiistuu(conjuction), bamaqa(pronoun), tuqaalee(punctaion)fi irra deddeebii jechoota ijoo ta'anii (ripitition of key word) ta'u.

## 2.12 Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii

Qorataan kun qorannoo kana yeroo gaggeessu qorannoowwan kanaan dura hojjetaman kan qorannoo inni gaggeesse waliin walitti dhiheenya qaban sakatta'eera. Haluma kanaan mata dureen qorannoo isaa waliin walitti dhiheenya kallattiidhaan kan qabu argachuu baatullee, qorannoolee kanaan dura hojjetamanii mata duree qorannoo isaa waliin walitti dhiheenya qaban argateera. Haaluma kana fakkaatuun qorattootni adda addaa dandeettii barreessuu irratti qorannoo adda addaa gaggeessaniiru. Qorannoo inni jalqabaa bara 2008tti Siisay mata duree "Xiinxala wantoota dandeettii barreessuu barattoota afaan oromoo irratti dhiibbaa geessisan" jedhu irratti mana barumsaa kan mootummaa lamaafi mana barumsaa dhuunfaa sadii irratti magaalaa shaashamanneetti kan hojjetamedha. Kaayyoon qorannoo Siisay rakkoowwan bu'uura keeyyata afaan oromootiin barreessuu irratti barattoota kutaa 11ffaa mudatan adda baasuudha. Bu'aan qorannicha irraa argames barsiisonni dandeettii barreessuu barattootaa cimsuuf tattaaffii isaan godhan gad-aanaa akka ta'e dha.

Qorannoon amma gaggeeffame garuu, "xiinxala dandeettii keeyyata barreessuu barattoota mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa kutaa 11ffaa" kan jedhu ta'ee , mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa bara 2015tti barachaa kanneen turanidha. Qorqnnoon kunis kan Siisay waliin dandeettii barreessuu irratti kan xiyyeeffatu ta'uu isaatiin walfakkeenya qaba. Garuu, wanti adda godhu , dandeettii barreessuu irratti kanneen dhiibbaa geessisan otoo hin taane rakkoo dandeettii keeyyata barreessuu xiinxaluu dha.

Kaasechi Anbisaa "Xiinxala dandeettii ga'umsaa barreessuu Afaan Oromoo: Haala Barattoota Mana barumsaa Jenaraal Taaddasaa Birruu kutaa 8ffaa",Yohaanniis Mallasaa "Qaaccessa

dandeettii keeyyata barreessuu barattoota bulchiinsa Magaalaa Adaamaa mana barumsaa qophaa'inaa gooroo Yuunivarsiitii Saayinsiifi teknoloojii Adaamaatti hojjetame.

Akka fakkeenyaatti argannoo isaa keessaa kan qorataan fudhate barattoonni mana barumsaa qopha'inaa gooroo rakkoo yaada isaanii qindeessanii barreessuu dhabuu. Qaamota keeyyataa jechuun hima ijoo, callaafi gudunfaa addaa baafachuu dhabuu, keeyyata qindoomina qabu barreessuuf tokkummaa, ga'umsa, walta'insaafi xiyyeeffannaa qabaachuu akka qabu adda baafachuu dhabuu fa'a. Qorannoo Kana qorannoo qorataan hojjete waliin kan walfakkeessuu lamanuu dandeettii keeyyata barreessuu barattoota irratti xiyyeeffachuu isati. Adda addummaan qorannoo kana madalli umurii,sadarkaa barnootaafi iddoo irratti hojjetamedha. Akkasumas Toleeraa Tasammaa Kaasaa"Ogummaa Bareessuu Gabbifachuu Keessati Rakkoolee Barattoota Kutaa 9ffaa Mudatan Adda Baasuu: Haala Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Garba Gurraachaatti hojjetame ture.Haata'umalee xiinxala dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 11ffaa mana barumsaaIfa Akkoo sadarkaa lammaffaa irratti garuu, hanga qorataan sakatta'a taasisetti hin argamne. Kanarraan kan ka'e qorataan kun xiinxala dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 11ffaa mana barumsaa Ifa Akkoo Sadarkaa lammaffaa adda baasuun xiinxaleera. Waraqaan qorannoo kunis kan inni barbaachiseef dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 11ffaa irratti sababoota rakkoo ta'an xiinxaluun gara fulduraattis barattoonni akkamitti dandeettii keeyyata barreessuu qindoomina qabu barreessuu danda'u jedhu xiinxaluundhiyeesseera.

Qorannoo kanaan walitti dhiheenya kan qabu inni biroon kan bara 2009tti Raggaasaan gaggeeffame yommuu ta'u, mata dureen qorannichaas, "Xiinxala dandeettii barreessuu barattoota kutaa 7fffaa" irratti kan xiyyeeffatu yommuu ta'u, qorannichi godina Baaleetti barattoota mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa marsaa lammaffaa , kutaa torbaffaa magaalaa Gaasaraa irratti kan xiyyeeffatedha. Bu'aan qorannicha irraa argames barattoonni dandeettii barreessuutiin hanqina qabaachuu, akka barattoonni dandeettii barreessuu shaakalaniif deeggarsiifi hordoffiin gama barsiisotaatiin godhamuuf baay'ee laafaa ta'uudha. Qorannoon gaggeeffame kun kan Raggaasaa waliin wantootni inni ittiin adda ta'u keessaa:

- Qorannoo xiinxala dandeettii barreessuu barattootaa kanneen mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa xumuranii sadarkaa lammaffaa baratan irratti kan gaggeeffame ta'uun.
- Sadarkaan barnootaafi umuriin barattoota qorannoon kun irratti adeemsifame garaagara ta'uun.

- Barsiisonni barattoota kana barsiisan muuxannoofi sadarkaa barnootaan barsiisota sadarkaa tokkoffaa kan caalan ta'uun adda addummmaa qorannoo kanneen gidduu jiran yommuu ta'u, dandeettii barreessuu irratti xiyyeeffachuun ammoo, qorannoolee kana kan walfakkeessu dha.

Walumaagalatti, qorataan kun qorannoo gaggeessuuf qorannoowwan garaagaraa xiyyeeffannoon kan dubbise ta'uu isaati.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

## 3.1. Mala Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu mala haala karoorfameen galma ga'uu dandeessisa jedhamee yaadamu niqabaata. Kunis haala amala mata durichaafi kaayyoo qorannichaan walsimuun teessifama. Haaluma kanaan amala matadurichaafi kaayyoo qorannoo kanaaf ta'uun mala itti amane qoratichi filatee jira. Kunis, kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'uuf ammoo, malli qorannoo qorataan kun gargaarame qorannoo malleen makaati. Kunis mala qorannoo lakkoofsaafi jechaati. Kana, kan ta'e ragaalee bifa bilchina qabuun funaanuufi xiinxaluuf barbaadameeti. Kun ammoo, mala tokkotti fayyadamuu caalaa rakkichaaf ragaa gadi fageenyaan akka argatamu gargaara (Creswell, 2009).

Akka yaada kanaatti qorannoo tokko keessatti kan xiyyeeffatamuu qabu rakkoo qorannichaan walqabatee ka'e sana bifa sirriin itti hubachuudha malee, adda baasnee mala tokko qofa fayyadamuun qorannicha geggeessuun waan irra caalaa fooyya'aa hinfakkaatu. Kanaafuu, qorannoon kun kan adeemsifame qorannoo malleen makaa (mixed mathods research design)dha. Sababni qorannoo makaa akka adeemsfamu ta'eef ammoo, kaayyoo qorannichaa bifa gaarii ta'een galma geessisuuf jedhamee yaadameeti.

## 3.2 Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo tokko waan qorannoon irratti geggeeffamudha. Kunis namootaafi dhimmoota qorannoon sun irratti gaggeeffamu waan ilaallatuufidha(Adddunyaa, 2011:f.64). Kanaafuu, irraawwatamtootni qorannichaa naannoo Oromiyaa godina Jimmaa Aanaa Nadhii Gibee mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa kutaa 11ffaa baratan ta'ee,dhimmi qoratamu xiinxala dandeettii keeyyata barreessuu irratti waan ta'eef, irraawwatamni isaa barattootuma kana ta'ee "dandeettii keeyyata barreessuu" irrattidha. Kanaafuu, barattootni mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa kutaa 11ffa irraawwatama qorannoo kanaati.

## 3.3 Madda Ragaalee Qorannichaa

Maddi odeeffanoo qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaadha. Sababiin isaas, odeeffaannoon qorannichaa kan sassaabame barattoota mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa kutaa 11ffaafi barsiisota mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa kutaa 11ffaa barnoota Afaan Oromoo barsiisanidha. Kanaafuu, qaamota kallattiin dhimma kana raawwatan waan ta'eef madda ragaa tokkoffaa jedhamu.

Dabalataan, keeyyata barattoonni barreessanis ilaalame jira. Sababiin isaa ragichi bifa gaaffiin funaaname qabatamaa hojii isaanii waliin walmaddiitti qabamee ilaalamuun odeeffannoo qorannichaa irra caalaa qabatamaa gochuufidha

## 3. 4 Iddattoofi Mala Iddatteessuu Qorannichaa

Deebistoonni qorannoo kana keessatti hirmaatan barattoota kutaa 11ffaa baratan daree sadan hunda keessaa barattoota kudhan, kudhan daree hunda keessaa walitti barattoota 30tu fudhatame. Kunis, tooftaan iddatteessuu qorannoo kana keessatti qorataan itti dhimma ba'e, iddateessuu sirnaawaa ti. Kunis akaakuu iddattoo carraa tasaa keessaa isa tokko ta'ee, akkataa carrichaa sirnaan taasisuutu adda taasisa.

Gosti iddatteessuu kanaa akkaataa maqaan isaanii daree barnootaa keessatti tartiiba qubeetiin galmaa'ee jiru irratti hundaa'uun iddattoo qorannoo kanaa filate. Qorataan kunis iddatteessuu sirnaawaa irratti hundaa'uun barattoota mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa kutaa 11ffaa baratan akkataa daree keessatti maqaan isaanii galmaa'ee jiruun kan filatedha. Kanaaf, akkataa galmee isaaniitti lakkoofsa 1,5, 10,15,20,25… 45tti jechaa deemuun tokkoon tokkoon daree keessaa iddattoo kudhan kudhan kan filatedha.

### 3.4.1. Iddattoo

Iddattoon haaluma barattootni tartiiba qubeetiin dareetti galmaa'anii maqaa waamamaa jiraniin fudhatame. Kunis kan taasifameef hundaafuu carraa walqixa kennuuf yaadameeti.
Barsiisota Afaa Oromoo barsiisan hundatu mala iddatteessuu akkayyoo filame. kanaaf, iddattoo akkayyoo fayyadamuun kan gaggeeffame jechuudha. Mala dhimmawaa kan fayyadamneef barsiisonni eenyuun olitti dhimma kanarratti beekumsa, muuxannoofi guyyaa hunda barattoota waliin waan hojjetaa oolaniifi gadfageenyaan odeeffannoo qabatamaa kennuu danda'u jedhamee

amanameeti. Qorannoo adeemsifamu kanaan odeeffannoo quubsaa ta'e argachuuf yaaliin adda addaa godhamee jira. Maddeen odeeffannoo kunniin akka itti aanutti addatti taa'anii jiru.

#### 3.4.1.1. Barattoota

Baay'inni barattoota kutaa 11ffaa mana barumsaa Ifa Akkoo keessatti baratanii dhibba tokkoofi soddomiishan(135)yoo ta'an dureewwan sadiitti qoodamanii baratu. Kanneen keessaa barattootni soddoma(30) mala carraatiin filatamaniiru. Tokkoon tokkoon dareewwanii keessaa barattoota kudhan kudhantu (10) gaafannoorratti deebii akka kennan ta'e.

#### 3.4.1.2. Barsiisota

Mala argamsaadhaan barsiisota Afaan Oromoo barsiisan sadan fudhachuudhaan; af-gaaffiin isaaniif dhiyaate erga gafatamee booda, qorataan deebii isaanii ilaaluun xiinxale. Sababa mala dhimmaawaan filatameefis barsiisonni jiran muraasa waan ta'aniif kan gaafataman beekamoodha jechuudha. Dabalataan barsiisonni kun lakkoofsaan muraasa haata'an malee hojii baruu barsiisuu kana keessatti waa'ee dandeettii keeyyata barreessuufi hojii barattoonni waan kanarratti agarsiisan ibsuuf odeeffannoo bal'aa ni qabaatu jedhamee kan abdatamuufi kanneen ijoo ta'an isaanidha. Kanaafuu, odeeffannoo bal'aa qabaachuu danda'u jedhamee amanameetu.
Akkasumas,rakkoolee dandeettii keeyyata barreessuun walqabatan,sababoota dandeettii keeyyata barreessuu irratti barattoota mudataniifi kanneen biro irratti odeeffannoo gahaa ta'e

## 3.5 Malleen Funaansa Ragaalee

Meeshaaleen odeeffannoon qorannoo kanaa ittiin funaanaman bargaaffii,af-gaaffiifi barattootaaf battallee barreessisuun qoruudha.
Kunis, haala kamiin mata durichaaf odeeffannoo mijataafi qabatamaan funaanuun danda'ama kan jedhu xiinxaluun akkaataa saayinsiin isaa eeyyamuun kan teesifamaniidha.

### 3.5.1. Bargaaffii

Bargaaffiin kan dhiyaatu barattootaafi. Sababni isaa yeroo tokkotti odeeffannoo bilisaan barattoonni kennan argachuun waan danda'amuufi. Bargaaffiin odeeffannoo kennitoonni yaada isaanii yoo kennan dhuunfaa isaaniitti waan itti yaadanii kennaniif akka bilisaaniifi haalaan ibsatan gargaara (Kumar, 1996). Bargaaffiin malleen odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokkoofi kan qorattoota baay'eedhaan filatamu akka ta'e nihimama. Sababni meeshaalee ragaan ittiin funaanamu kun filatameef yeroo, humnaafi baasii qusata; eenyummaa odeeffannoo kennitootaa waan hin ibsineef odeeffannoo sirrii argachuuf mala gaariidha.

Odeeffannoo kennitoota hundaafuu gaaffii walfakkaatu dhiheessa; bakka bu'aadhaan dalagamuu danda'a. Qoratichaaf odeeffannoo kennitoota gidduu waliin dubbiin murteessaa miti. Kanaaf odeeffannoo kennitootni bilisa ta'anii yaada kennuu barbaadan ifaafi bilisaan barreeffamaan kennu. Qoratichis haalli kun qorannoo isaaf murteessaa ta'uu isaa itti amanuun mala odeeffannoon ittiin funaanamu kana filatee jira. Kunis, odeeffannoo qabatamaa karaa bilisa ta'een argachuun kanneen biraatti ida'uun qorannicha irra caalaa qabatamaa gochuuf amanameeti. Barattoota kutaa 11ffaa baratan rakkooleen dandeettii keeyyata barreessuu kanneen bifa garagaraatiin isaan mudachuu danda'u hubachuuf gaaffiin barreeffamaa barattootaaf nidhihaate.

### 3.5.2 Af-gaaffii

Meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa tokko af-gaaffiidha. Adeemsa qorannoo kana gaggeessuu keessatti af-gaaffiin barsiisota Afaan Oromoo barsiisan sadiif (3) mala argamataan fudhataman fayyadamuun kan dhihaatu yoo ta'u, innis rakkoowwan barattoonni dandeettii keeyyata barreessuurratti qaban akka ibsaniif yaadameeti. Af-gaaffii caaseffamaa gar-tokkee qophaa'ee kanas iddattoowwaniif dhiyeessuun odeeffannoo isaan kennan barreeffachuufi waraabbachuudha. Kan waraabame immoo, gara barreeffamaatti deebisuun xiinxaluuf akka ta'utti taa'e.

Akkasumaas deebiiwwaan daawwannaafi marii garee keessatti hin deebinee deebisuuf yookiin qaawwa jiru duchuudhaaf faayidaa guddaa qaba. Haaluma kanaan qorataan kunis gaaffilee barsiisota Afaan Oromoo barsiisaniifi iddaattoo miti carraadhaan filataman irraa gaaffilee afaanii dhiyeessuun karaalee odeeffannoo itti walitti qabatedha.

Akkasumas af-gaaffiin iddattoo barsiisoota Afaan Oromoo barsiisan sadii (3)f dhiyaatee jira. Ragaan af-gaaffiin odeeffattoota (iddattoowwan) irraa argame fuula fuulattii godhamee jira. Tokko tokkoon odeeffattoota waliin af-gaaffii gaggeeffame daqiiqaa kudha shanii hanga digdamii shanii fudhateera . Barsiisota Afaan Oromoo barsiisan sadii (3) akka madda ragaatti tajaajiilaniif af-gaaffiidhaan gaaffiin dhiyaate ragaan dandeettii keeyyata barreessuu barattootaan walqabatu rakkoolee barattootni dandeettii keeyyata barreessuu kan irratti qaban haala gaarii irraa funaanameera.

### 3.5.3. Qormaata Barattootaaf kennamu

Meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa inni biroon qormaata. Kunis barattoonni baay'inni isaanii soddoma (30) ta'an mala carraa tartiiba maqaa isaaniin galmaa'anii daree

barnootaa keessatti ittiin waamamaa jiraniin carraa fuusisuun tokkoo tokkoo daree keessaa barattoota kudhan kudhaniif qormaata kennuudhaan kan raawwatedha. Barattootni kunniinis haaluma adeemsa qormaata duraan fudhataa turaniin kan qoramanidha. Sababiin isaas, haalli haaraan yoo uumame rifachuu danda'u jedhamee yaadameeti. Qormaanni barattootaaf kennamu kunis rakkoon kun yommuu sororfamee ilaalamu haalli itti fayyadama sirna tuqaalee, qubguddeessa, tokkummaa, walta'iinsa, xiyyeeffannaafi unkaa keeyyataa, keeyyatni hima ijoo, himoota gargaartuufi hima goolabaa qabaachuun isaa haala gaariin ilaalame jira.

### 3.5.4. Daawwannaa

Daawwannaan mala odeeffannoon itti funaanamu keessaa tokko kan ta'eefi karaa gocha tokko ittiin daawwachuun yookiin dhaggeeffachuun odeeffannoon funaanamudha. Kanaafuu, af-gaaffii, bargaaffiifi barreeffama barattootaan odeeffannoo funaanuutti dabalee daawwannaa daree gaggeessuun akka qorataan gochoota waa'ee dandeettii keeyyata barreessuu irratti daree keessatti raawwataman ilaaluun karaa itti odeeffannoo walitti qabatudha. Yaaduma kana ilaalchise Filee (2016: f. 79) akka jedhutti "Daree barnootaa barnoonni itti kennamaa jiru keessatti argamanii ijaan arganiifi gurraan dhaggeeffatanii mala odeeffannoo ittiin funaannatanidha" jedha. Haaluma kanaan qorataanis yommuu qorannicha gaggeessu cheeklistii barbaachisaa ta'eetti gargaaramuun dareewwan mala iddatteessuu carraatiin filataman mara irraa odeeffannoo funaannachuuf gargaarera. Qorannoon gaggeeffame kaayyoo qorannoo kanaa qabxiilee dhiyaatan galmaan ga'uuf kan fayyade yoo ta'u, ragaan yeroo daawwannaatti argame waraqaadhaan galmeefameera. Daawwannaa kana keessatti qorataan wanti daawwate barattoonni dandeettii keeyyataa barreessuu baratan daree barnootaa keessatti barnoota isaanii akkamitti akka hordofan ilaaluudhaani.

Akkasumas, barsiisaan barattoota kanneeniif xiyyeeffannoo akkamii akka kennu hubatee jira.

## 3.6 Mala Qaaccessa Ragaalee

Ragaaleen funaanaman mala isaaniif ta'uun qaaccefamuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan ragaalee bargaaffiidhaan argaman akka ifa ta'utti jalqaba akkaataa walfakkeenya deebii kennameen gosa gosaan taa'e. Itti aansee, haala walfakkeenya isaanii hordofuun xiinxaluufi ibsi itti kenname. Bifuma armaan oliitiin mala qorannoo ammamtaan odeeffannoo yeroon xiinxalu odeeffannoo funaanaman gabateedhaan kaa'uun baay'ina deebistootaa dhibbaantaatti jijjiiruun xiinxalameera. Akkasumas, qormaanni barattootaaf kenname ulaagaa sororsaaf taa'een erga sororfamee booda: baay'ee gaarii, gaarii, quubsaa, ga'aafi gadaanaa jedhamuun bakka shanitti

qooduun gabateerra kaahame. Odeeffannoon af-gaaffii barsiisotaa immoo, mala akkamtaatiin xiinxalamanii dhihaataniiru. Yeroo xiinxalaman kanas, haala odeeffannoo bargaaffiidhaan funaanamanii xiinxalaman waliin haala walsimaa deemuun taa'e.

Dabalees, kanneen jechaan taa'an xiinxaluus kanumaan waldeeggaree akkaataa deemuun keessa galaa deeme. Odeeffannoo af-gaaffiin argame immoo, bakka barbaachisaa ta'etti kan xiinxala ragaalee bargaaffii waliin walbira qabaa adeemuun xiinxalamee jira. Erga ragaaleen bargaaffiifi af-gaaffii irraa funaanaman adeemsa isaaniif taa'een xiinxalamanii booda odeeffannoo karaa lamaanuu qormaata barreeffamaa barattoonni qoraman haala adeemsa isaaf taa'een xiinxaluun yaadota argaman walitti fiduun hangam akka walfakkaatan ilaaluun yaada walfakkatuufi wal hin fakkaanne adda baasuun ibsi itti kennamuun taa'e.Dhuma irrattis qorataan yaada guduunfaafi furmaataa kaa'amuun bu'aa isaa irratti ibsa kennuun kan xiinxaledha.

## 3.7 Adeemsa funaansa ragaaleefi naamusa qorannichaa

Adeemsiifi naamusni qorannoon ittiin funaaname milkaa'ina qorannichaaf shoora guddaa waan qabuuf, qorannoo kana keessatti ofeeggannoo guddaan taasifameera. Haaluma kanaan tokkoon tokkoon meeshaalee funaansa ragaaleetiif adeemsi barbaachisaan godhamuun ragaan qaama barbaadamu biraa akka argamu godhameera. Adeemsa kana keessatti otoo ragaan hin sassaabamiin dura qaama ragaa sana kennuuf barbaachisummaan ragaa barbaadame ilaalchisee hubannoon kennameera. Dhuma irratti erga ragaan sirnaan walitti qabamee xumuramee booda qaamolee ragaa naaf kennan galatteeffatamaniiru.

## BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAA

Mataduree kana jalatti ragaaleen tooftaalee karoorfamaniin funaanaman haala karoorfamaniin ni qaacceffamu. Kunis jalqaba gaaffilee bargaaffiin dhiyaatan irraa ragaa argaman haaluma karoorfameen kan xiinxalameefi afgaaffiin kanneen argamanis keessa galfamuun kan xiinxalamaa deemanidha. Barreeffamni barattootaa ammoo, erga addatti ilaalamee booda wantoota karaa lamaanuu argaman kan walitti fidee xiinxaluun ibsa ta'e dhiyeessedha.

### 4. Ibsa Ragaa Deebii Kennitootaa

Mata-duree kana jalatti haala odeeffannoo karaa barreeffama barattootaa bargaaffii, af-gaaffiifi daawwannaa daree ragaa kanneen jiran walitti qabuun dhiyeessuuf kaa'ameera. Deebii kennitoota yoo fudhannee ilaalle barattoota mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa kutaa 11ffaafi barsiisoota Afaan Oromoo barsiisan yoo ta'an, barattoota dhiiroota 14(4.5%)fi dubartoota 16(5.2%) ida'ama 30(9.7)fi barsiisoota dhiirootaa 2 (100%) fi dubartii 1(100%) walumagalaatti, namoota sodomii sadii (33) irraa ragaaleen meeshaalee armaan olitti ibsameen funanamee haala armaan gadiitiin xiinxalamee jira.

### 4.1. Xiinxala Qormaata Keeyyata Barreessuu Barattootaaf Kenname

Barnoota Afaan Oromoo keessatti barattootni dandeettii afaanii gurguddoo arfan: dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu akka isaan gonfatan kan godhudha. Kanaafuu, barattootni dandeettii keeyyata barreessuu isaanii akka cimsataniif qorataanis dabaree, dabaree bargaaffii, af-gaaffii, qormaata barreessisuun qoruufi daawwannaa daree taasisuun xiinxaleera. Kanas haala armaan gadiin tokko tokkoon xiinxaluun dhiyeesseera.

### 4.1.1. Qormaata dandeettii Keeyyata Barreessuu Marsaa 1ffaa Barattootaaf Kenname

**Gabatee1: xiinxala qormaata keeyyata barreessuu marsaa 1ffaa barattootaaf kenname**

Lakkoofsa gaaffii marsaa 1ffaa kenname keessatti bakka itti dogoggora uuman baay'ina barattoota Lakkoofsa %n

1.Mataduree "Faayidaa bishaan dhala namaatiif qabu"jedhu irratti keeyyata tokko barreessi.

A) 12=40% B) 8=26.66% C) 6= 20% D) 4= 13.33%

**Ibsa.** **A**=Dogoggora qub-guddeessaa fi sirna tuqaalee

**B**= Irraa caalaa dogoogorri isaanii sirna tuqaalee

**C**= Qub-guddeessaa

**D**= kanneen sirritti barreessan


Gabatee armaan olii irraa akka hubatamuutti, qormaata dandeettii keeyyata barreessuu marsaa1ffaa barattootaaf kenname keessatti qabxileen ilaalaman sirna tuqaaleefi qub-guddeessaatti sirritti fayyadamuufi fayyadamuu dhiisuu isaanii xiinxaluuf mata-duree "Faayidaa bishaan dhala namaatiif qabu," jedhu irratti keeyyata tokko barreessi; Kan jedhu kennuun qorataan kunis bakka isaan itti dogoggora uuman akka armaan gaditti xiinxaluun dhiyeesseera. Barattootni 12(40%) barreeffama marsaa 1ffaa kenname keessatti sirna tuqaaleefi qub-guddeessatti sirriitti fayyadamuun keeyyata barreessi kan jedhu keessatti dogoggorri isaan uuman jalqaba himaattis gidduuttis bakka hin barbaachifnetti qubee guddaa fayyadamuutu mul'ata.

Kanamalees, barreeffama isaanii keessatti sirna tuqaalee otoo hin fayyadamiin keeyyata akka hima tokkotti walitti fufanii barreessuu isaaniitu sirriitti mul'ata. Marsaa jalqabaa kanuma keessatti barattootni 8 (26.66%) wayita barreeffama isaanii barreessan qub-guddeessa irratti dogoggora xiqqootu mul'ata. Irra caalaan dogoggorri kan mul'atu, sirna tuqaaleetti sirriitti fayyadamuu dhabuudha. Bakki isaan itti dogoggoranis sirna tuqaalee akkaataa barbaachisaa ta'eefi bakka barbaachisaa ta'ee argametti fayyadamuu hafuun keeyyata isaan barreessan keessatti kan mu'latedha.


Barreeffama marsaa 1ffaa kanuma keessatti barattoonni 6(20%) irra caalaan barreeffama isaanii keessatti hanqinni mul'ate, qub-guddeessatti sirriitti fayyadamuu dhabuudha. Akka qorataan barreeffama isaanii xiinxalee ilaaletti bakka hundattuu qubee guddaa fayyadamuutu mul'ata. Kana malees, barreeffamni barattoota 4 (13.33%) ta'aniin barreeffame hanga tokko warreen kaan caalaatti kanneen barreessanidha. Kana yommuu jedhamu guutummaa guutuutti sirriidha jechuu osoo hin taanee dogoggorri isaan uuman warreen kaanirra sirriitti barreessuu isaanii agarsiisa.

Barreeffama marsaa 1ffaa keessatti qorataan kan inni hubate sirna tuqaaleefi qub-guddeessa fayyadamanii barreessuu irratti hanqinni jiraachuu hubateera.

**Fakkeenyaaf**:1



**Fakkeenya**:2



16/8/2015

Faayidaa bishaan dhala namaatiif qabu

Bishaan faayidaa heddu dhala namaatiif qaba.
Jaan keessaa mukaamii; dhugaatiif, qulqulluunaaf
qulqullina qama fi meeshalee qaraa qaraaf
fiana malees, nyaata itti bilcheessuuf k.k.f
itti dabalees dhan; nama bishaan malee
Jiraachuu hin danda'u
Walumaa galatti bishaan dhala namaaf
faayidaa guddaa qaba jechuudha.

### 4.1.2 Qormaata dandeettii keeyyata barreessuu Marsaa 2ffaa barattootaaf kenname

**Gabatee2:Xiinxala qormaata dandeettii keeyyata barreessuu marsaa 2ffaa barattootaaf kenname**

Lakkoofsa gaaffii marsaa 2ffaa kenname keessatti bakka itti barattootni dogoggora uuman baay'ina barattoota lakkoofsa %n

2. Mata-duree tokko filachuun amaloota keeyyata gaarii tokkummaa, walqabatiinsafi guutummaa irratti xiyyeeffachuun keeyyata tokko barreessi.

A)16=(53.33%) B) 3=(10%) C) 7=(23.33%) D) 4=(13.33%) Ida'ama30=(99.99%)

**Ibsa. A=** Amaloota keeyyata gaarii guutee hin barreeffamne

**B=**Hanga tokko guutummaa qaba

**C**= Tokkummaa kan hin qabne

**D=** Kanneen sirritti barreessan


Xiinxala qormaata dandeettii keeyyata barreessuu marsaa 2ffaa barattootaaf kenname keessaatti qabxii qorataan irratti xiyyeeffatee xiinxale keeyyata qindoomina qabu; amaloota keeyyata gaarii guutee barreessuu irratti rakkoon barattoonni iddattoon filataman qaban maal fa'i? Kan jedhu xiinxaluudha.

Qormaanni dandeettii keeyyata barreessuu marsaa 2ffaa irratti barattootaaf dhiyaate kunis, Mata-duree dhiyaate keessaa tokko filachuun Amaloota keeyyata gaarii irratti

xiyyeeffachuun keeyyata tokko barreessi; kan jedhu irratti akkaataa qabxiilee armaan olitti ibsame kanaan qormaata dandeettii keeyyata barreessuu marsaa 2ffaatti kennamee sororfame qorataan bakka adda addaatti qoodee yommuu xiinxalu barattoota iddattoon filataman keessaa kan barattoota 16 (53.33%) barreeffama isaanii keessatti amaloota keeyyata gaarii guutee kan hin barreeffamne ta'uutu mul'ata. Kana yommuu jennu yaanni hima ijootiin eegalee gara hima gargaartuutti kan barreeffama sana tumsuuf taa'an wal simannaa kan hin qabanne ta'uutu mul'ata. Kana malees, walqabatiinsa yaadaa kan hin qabne ta'uu isaati. Barreeffama isaanii keessatti keeyyanni isaan barreessaan walqabsiistota tokkollee kan hin fayyadamnedha.

Akkasumas, jechoonni, gaaleewwan, ciroowwan, himoonni seeraan qindaa'anii kan hin barreeffamnedha. Barreeffama marsaa 2ffaa kanuma keessatti barattootni 3 (10%) amaloota keeyyata gaarii keessaa hanga tokko guutumaa kan qabudha.Kanneen barattoota 7 (23.33) ta'an ammoo, tokkummaa kan hin qabne ta'eetu mul'ata. Akkaataa barreeffamni isaanii xiinxalameen yaadni himni ijoo qabateefi himootni gargaartu fakkeenyaan deeggarame yaadicha cimsuuf hanga xumura keeyyata sanaatti kan hin deemnedha. Barreeffama marsaa 2ffaa kana keessatti barattootni 4(13.33%) kan sirriitti barreessanidha.Isaanis,keeyyata barreessan keessatti jechoonni, gaaleewwan,ciroowwan akkasumas,walqabsiisotatti fayyadamanii kan barreessanidha.

**Fakkeenyaaf:1.**



Miidla Jimaa Oraamaan dhufu

midhaan jimaa Oraamaan dhufu keessa inni tokko rakkoo araadaa adda addaa nama fabsiisu hojii dhabdoota namaa taasisa. Rakkoo sammuu namaran fayaa, sukka fuggatti baasii nama basisaa baasi male fatiin akka fayee taasisaa. Namooni jima faaman dinafdeen isaanii fadii buaa fayee taasisa deema. deemsa keessa maati isaaniran midhaan fuddan akka fayu taasisa saaati hojii ittin bulmuata hojeetamu jimaa faamutti dhuma namoonii maati fodhaatini faban keessattuu rakko fuddatu irraa fayaa. Jimaa faamuu kana malees, akkuma hawaasummatti rakko fuddaa nama irran fayaa, maati keessatti rakko inni fiduu keessa kan akka xiin sammuu, fakii fisaasesuu, maati keessatti kaykoo kal dhaabdee fiduu jireenyaa otii walaaluu, karoora nama dhabsiisuu, kaykoo nama dubatti deebisuu, haaykaniif sukka nama walaalchisuu dinafdeen nama akka ol fuysatu ol kaane nama taasisaa. Kanaatu jima faamuu irra Haawaasni akka ol fuysatu taasisuudhaa barsiisuun barbaachisummaa fuddaa akka fabuu taasisuudhaa

Yaada armaan olitti ibsame kana irraa qorataan kan hubate, barattoonni iddattoof filataman kun amaloota keeyyata gaarii guutanii barreessuu irratti harki caalu rakkoo kan qaban ta’uutu mul’ata. Kana malees, barattoonni kun waan barreessaa jedhamaniif waanuma yaada isaanitti dhufeef kan naannoo isaanitti beekan barreessu malee, keeyyanni tokko eessaa ka’ee eessatti akka xumuramuufi maal maal ofkeessatti akka qabatu; Duraa duuba himootaa, filannoo jechootaa, walqabsiistootaafi qindoomina himootaa eeganii barreessuu irratti rakkoon jiraachuufi ergaa inni dabarsus ciccitaa ta’uu hubachuun xiinxalee dhiyeesseera.

### 4.1.3 Qormaata dandeettii keeyyata barreessuu marsaa 3ffaa barattootaaf kenname

**Gabatee: 3. Xiinxala qormaata dandeettii keeyyata barreessuu marsaa 3ffaa barattootaaf kenname**

Lakkoofsa gaaffii marsaa 3ffaa kenname keessatti bakka itti barattootni dogoggora uuman baay'ina lakkoofsa %n

- Tapha kubbaa miilaa
- Jireenya baadiyyaa
- Dhugaatii alkoolii

3. Mata-dureewwan kennaman keessaa tokko filachuun gumee qopheessi. Gumee qopheessite irrattis keeyyata tokko barreessi.

1) Tapha kubbaa miilaa

2) Jreenya baadiyyaa

3) Dhugaatii alkoolii

A) 20 (66.66%) B) 6 (20%) C) 4 (13.33%) Ida'ma =30 (99.99%)

**Ibsa A=** Otoo gumee hin qopheeffatiin kanneen barreessaan

**B=** Mata-duree filatanii gumee qopheeffachuun barreessuuf kanneen yaalan

**C=** Gumee qopheeffachuun kanneen barreessan

Xiinxala qormaata keeyyata barreessuu barattootaaf marsaa 3ffaa irratti mata-duree dhiyaate keessaa tokko filachuun gumee qopheessi. Gumee qopheessite irratti keeyyata tokko barreessi kan jedhu ture. Barreeffama kana keessatti wantootni ilaalaman barattoonni hangam gumee qopheeffachuun dandeettii keeyyata barreessu kan jedhutu xiinxalame. Akka barreeffama barattootaaf kenname kana sororfamee irraa qorataan yommuu ilaalu, barreeffama barattootaa kana bakka sadiitti qooduun xiinxale. Kunis: kan gumee otoo hinqopheeffatiin barreessan, kanneen gumee qopheessan ammoo, akkaataa gumeen qopha'e sun gara barreeffamaatti seenu irratti maaltu mul'atafi barattoota gumee qopheessuun gara keeyyata barreessuutti seenuun isaanii fooyyee qabaachuu isaanii xiinxalee jira.

Qormaata dandeettii keeyyata barreessuu barattootaaf marsaa 3ffaa kenname keessatti barattoota 20 (66.66%) ta’antu mata-dureewwan filachuun otoo gumee hin qopheessiin gara barreeffamatti seenuu isaaniitu mul’ata. Haaluma walfakkaatu kanneen barattoota 6 (20%) ta’an ammoo, mata-duree filatanii gumee qopheessuun keeyyata barreessuuf yaalanis barattoota 4(13.33%) kanneen ta’antu jalqaba keeyyata irratti yeroo barreessaan sarara xiqqaa kaahuun bakka hundattuu hima tokko tokkoof sarara xiqqaa fayyadamuun kan barreessan ta’uutu mul’ata.

Walumaagalatti, barattoota iddattoof filataman kanneen keessaa barattoonni gumee qopheessuun wayita barreessan keeyyata barreessan keessatti walqabsiistoota yaada keeyyata isaanii faallessutti fayyadamanii barreessuutu mul’ata. Qormaata dandeettii keeyyata barreessuu barattootaaf marsaa 3ffaa kenname keessaa barattoonni mata-duree filatanii gumee qopheessani barreessuu keessatti kan sirriitti barreessanis jiru. kanneenis guutumaa guutuutti sirriidha jechuu otoo hintaane barattoota kaan caalaatti fooyyee kan qaban ta’uutu xiinxalamee jira. Ibsa armaan olitti dhiyaate kanarraa qorataan kan inni hubate barattoonni gumee qopheessuun keeyyata barreessuu irratti dandeettiin isaanii ga’aa akka hin taane hubatee jira.

**Fakkeenyaaf:1. Tapha kubbaa miilaa**

Kubbaan miilaa taphoota ispoortii keessaa isa tokkodha.kubbaan miilaan garee lama gidduutti namoota kudha tokko kudha tokkoon kan taphatamudha.gareen lamaan gidduuttis morkii cimaa uumuun daqiiqaa sagaltamaaf erga taphatamee booda jaallatee otoo hin taane dirqamee gareen tokko moo’ataa yommuu ta’u gareen tokko ammoo, ma’amaa ta’a. taphni kubbaa miilaa mo’ufi mo’amuu qofa osoo hin taane faayidaa baay’ee dhala namaatiif qaba.fakkeenyaaf,jabina qaama namaa ijaaruuf, ittiin bashannanuuf,beekamtii ittiin argachuuf,tokkummaa uumuuf, dinagdee dabaluuf,hariiroo gaarii namoota biroo waliin qabaachuufi k.k.f

Walumaagalatti, ispoortiin fayyummaa namaafis ta’ee guddina biyya tokkoo ijaaruu keessatti shoora olaanaa qaba.

## 4.1.4.Qormaata dandeettii keeyyata barreessuu marsaa 4ffaa barattootaaf kenname.

**Gabatee:4. xiinxala qormaata keeyyata barreessuu marsaa 4ffaa barattootaaf kenname.**

Lakkoofsa gaaffii marsaa 4ffaa kenname bakka itti dogoggora uuman baay'ina barattoota Lakkoofsa %n.

4. Mata-duree "Miidhaa tamboo xuuxuu" jedhurratti keeyyata tokko barreessi. Keeyyata kee keessaa: Hima ijoo, hima caallaafi hima goolabaa addaan baasuun barreessi.

A) 17 (56.66%) B) 8 (26.66%) C) 5 (16.66%) ida'ama 30 (99.98%)

**Ibsa A)** Hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa otoo addaa hin baasiin kanneen barreessan

**B)** Hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa wal jala dabarsuun kanneen barreessan

**C)** Hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa adda baasuun kanneen barressaan


Xiinxala qormaata dandeettii keeyyata barreessuu marsaa 4ffaa kenname. Qormaata dandeettii keeyyata barreessuu marsaa 4ffaa barattoota iddattoon filatamaniif kenname.

Mata-duree "Miidhaa tamboo xuuxuu" jedhurratti keeyyata tokko barreessuun hima ijoo, hima caallaafi hima goolaba addaan baasi jedhu keessatti akka qorataan barreeffama isaanii sororsetti barattoota qormaata barreeffamaan fudhatan keessaa barattoonni 17(56.66%) ta'an waan barreessaa jedhamaan dhiisanii hima ijoo, hima caallaafi hima goolabaa otoo hin barreessiin callisaanii jechoota walkeessa makuun kan barreessanidha.

Barreeffama marsaa 4ffaa kana keessatti barattoonni 8(26.66%) hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa baasaniiru. Garuu, akkaataa isaan itti baasan dogoggora kan qabudha**.** Himootni barreeffama keessatti tarreessan hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa jechuun baasanii ka'an malee, himoonni isaan tokko tokkoo isaaf kaa'an hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa hin agarsiisu. Kana malees, qormaata marsaa 4ffaa barattootaaf kenname keessatti barattootni 5(16.66%) caasaa keeyyata hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa barreeffama isaanii keessaa baasuun barreessuun hanga tokko kanneen hafanirra fooy'ee kan qaban yoo ta'u; Bakki isaan itti dogoggora uuman hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa waljalaa dabarsanii barreessuutu mul'ata. Yaaduma armaan olii irratti hunda'uun qorataanis qormaata dandeettii keeyyata


barreessuu marsaa 4ffaa irratti kennamee sororfame irraa waanti hubatame barattoonni kunniin caasaa keeyyata barreeffama keessaa baasuu irratti hanqinni jiraachuu xiinxaluun dhiyeesseera

**Fakkeenyaaf:1**


Miidhaa Tamboo Xuxxuu

tamboo tuxxuun miidhaa guddaa faba
miidhaan isaa kanaanii dhuxxuu dhandhamuu Beekuun Barbaachisaa dha.
miidhaa Sammuu namarraan gahuu danda'a kannaatuu tamboo
n xuuxuun ilaama kamiyyuu hin barbaachisuu waan ta'ef
tamboo tuxuun hin barbaachisu. waan ta'e namoota xuxxaan
irraa dhorkuun kenyaa barbaachisaadha.
tamboo xuxuun seeraan itti ta'ee akka ammantiitti waan hin keeyy
tamneef tuutuun hin barbaachisu.
tamboo waantoota dhibee namatti fidaan keessaa isaa tokkoo waan
ta'eef namoota tuxxaa irraa dee'bisuuf miidhaa isaanii namatti fidu
daandaa'uun wal irraa fobnee nama xuxxutti himuun akka isaanii
hin xunee gochoon barbaachisaadha.
tamboo tuxuun gaddiinsa biyyaa tokkoof gufuu dha.
Namni tamboo tuxxuu oftiis ta'ee biyyaa isaas ta'ee matiitti ofuumaa isaa
gadi jifaachuun hin danda'u.
Swaan of irra jiraachuun karuummaa isaa irraa olchaa
nallafaa argaatuu karuumaa isaa irraa olchaa

**Fakkeenya:2**


Miidhaa Jimaa Gama'uun dhufu.

Gumee

- Jimaa Gama'uun miidhaa wwan addaa addaa fida'i
  - Maatii irratti
  - Matayyaa Saamarratti
  - Hawaasa irratti
  - Biyya irratti

Keeyyata

Xiinxala barreeffama barattoota kanaa irraa: Miidhaa tamboo xuuxuu **himaa IJoo** . himoonni kanneen keessaattii barreeffaman muraasni **himaa caallaa** . Fayya namaa irratti miidhaa hammana hin jedhamne qaqqabsiisa. kan jedhu ammoo, **himaa goolabaati**. Yaada qormaata keeyyata barreessuu marsaa 4ffaa armaan oliitti kenname irraa kan hubatamuu danda'u, barattootni kun sirna tuqaaleefi qub-guddeessatti fayyadamuun keeyyata barreessuu irratti dogoggora kan uuman ta'uu, amaloota keeyyata gaarii guutee barreessuufi barreeffama isaanii keessatti walqabsiistota kan hin fayyadamne ta'uutu hubatama. Kana malees ,barattootni kun hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa addaan baasanii kan hin hubanne ta'uu agarsiisa.

Caasaalee keeyyataas tartiiba hordofamuu qabuun keeyyata isaanii keessatti kan hin hammachiifne ta’uu. Karaa biraan barattootni kun gumee qopheessanii gara barreeffamaatti seenuufi gumee qopheessuu irratti rakkoo akka qaban hubachiisa. Walumagalaatti barreeffama marsaa 4ffaa barattootaaf kenname walbiraa qabuun yoo xiinxalamu bakkii isaan irra caalaa dogoggoraa uuman sirna tuqaaleefi qub-guddeessatti sirriitti kan hin fayyadamne ta’uufi gumee qopheessuun barreessuu irratti rakkoon jiraachuu agarsiisa. kitaabni barataa kutaa 11ffaa ammoo,barattootni dandeettii keeyyata barreessuu akka gonfataniif sirna tuqaaleefi qub guddeessaa,amaloota keeyyata gaarii,caasaa keeyyata,yaadota qindeessuun duraa duubaa himootaa akka isaan eeganii barreessaniifi mata duree garaagaraa kennuun akka sh aakalaniif dandeettii keeyyata barreessu qindoomina qabu barreessuun akka gonfatan

qajeelchuutu hubatama.

Kitaabni barattootaa haala kanaan haaka’uu malee, barattoonni kun barreeffama isaaniirraa akka hubatamutti keeyyata qindoomina qabu barreessuu kan hin dandeenye ta’u isaati. Kitaabni barataa akkaataa isaan dandeettii keeyyata barreessuu gonfataniif haala kanaan haa ibsu malee, qorataan keeyyata barattoota barreessisaa tureen walbira qabee yoo xiinxalu barattoonni kun akkaataa kitaabni barataa kaa’e kanatti keeyyata barreessuu kan hin dandeenye ta’uu agarsiisa.

**Fakkeenya:3** Tartiiba himoota armaan gadii akka duraa duuba ta’iinsaatti sirreessi barreessi. Sana booda, walqabsiistota himoota walitti hidhan gargaaramuun keeyyata tokko barreessi.

A. Roobiifi Kamisa midhaan nyaataafi dhugaatii ta’u bibbitaan oole.

B. Dilbata ganama teessuma qopheessee keessumoota koo laaqanaaf eeguun jalqabe.

C. Kaleessa maaliif akka hafen gaafadhe.

D. Jimaata ganamaa kaasee hanga galgalaatti dallaa qulqulleessaan oole.

E. Waanaan ayyaana waggaa tokkoffaa mucaa kootii ta’e baay'ee nadinqa.

F. Eegnaan eegnaan namni as bahu dhibe

Fakkeenya armaan olitti dhiyaate kana irraa wanti hubatamu himoota walkeessa makaman haala duraa duuba isaa eegeen gara keeyyataatti jijjiiruun barreessuufi walqabsiisota akkaataa barbaachisummaafi iddoo barbaachisaa ta’etti galchanii barreessu irratti hanqinni akka jiru barreeffama isaanii irraa hubachuun ni danda’ama.

## 4.5. Xiinxala Ragaa Af-gaaffii Barsiisootaa

**Gabatee: 5. Xiinxala ragaa af-gaaffii barsiisotaaf kenname.**

Af-gaaffii barsiisotaaf dhiyaate keessaa gaaffii 1ffaan “Barattootni kutaa 11ffaa mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa dandeettiiwwaan afaanii gurguddoo arfan keessaa kamiin shaakaluu sodaatu? Jedhuuf barsiisonni lama yommuu deebii kennan dandeettiiwwan afaanii wayitii shaakalan keessatti caalaatti barreessuu irratti shaakaluu sodachuu isaanii ibsan. Sababiin isaas, dandeettiin barreessuu yeroofi xiyyeeffannoo guddaa waan gaafatuuf, wayitiin barnootaa isaaniif kenname ammoo, shaakala kanaaf ga’aa ta’uu dhabuu isaa ibsan. Akkasumas, yommuu dandeettii barreessuu kana shaakalan dogoggora barreeffamaa uumna jedhaniif waan shakkaniif dandeetti barreessuu ni sodaatu jechuun ibsan.Gaaffii kana irratti deebii Kennituun isheen biroo ammoo, baratootni kunniin dandeettiiwwaan afaanii gurguddoo arfaan wayitii shaakalan keessatti barreessuufi dubbisuu irratti shaakaluu sodachuu isaanii ibiste. Sababiin isaas yommuu barreessaniifi dubbisan kanneen keessaa harcaasaniifi itti dabalan otoo beekaniis ta’e otoo hin beekiin dogoggoruun waan hin hafneef.

Af-gaaffii barsiisotaaf dhiyaate keessaa gaaffiin 2ffaan “Barattootni kutaa 11ffaa mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa dandeettii keeyyata barreessuurratti rakkoowwaan mudatan maal maal fa.i?” Jedhuuf deebii kennitoonni lama deebii walfakkaataa isaan kennaniin barattoonni kutaa 11ffaa mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa dandeettii keeyyata barreessuurratti isaan mudatan ulaagaaleewwaan keeyyatni tokko qabaachuu qabu guutanii barreessuu dhabuu,caasaalee keeyyataafi Amaloota keeyyatni ofkeessatti hammachuu qabu hammachiisuun barreessuu dhabuu yommuu jedhan;barsiisaan tokko ammoo,himoota tartiiba sirriin ijaaruu dhabuufi walqabsiisota keeyyata barreessan keessatti akkaataa barbaachisummaa isaafi iddoo barbaachisaa ta’etti fayyadamuu dhabuudha jechuun deebise. kanaafis sababa kan ta’u maal? Kan jedhuuf ammoo,sababa walfakkaata ta’e akkas jechuun ibsu; muuxannoo isaan kutaa gadiitii kaasanii yookiin manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaatii kaasanii qaban baay’ee laafaa akka ta’eefi yommuu barreessanis ni dogoggora jedhanii waan sodaataniif jechuun ibsu.

Af-gaaffii barsiisotaaf dhiyaate keessaa gaaffii 3ffaan , dandeettii keeyyata barreessuu barattootni akka shaakalaniif yeroo ga’aa ta’e laattu? Jedhuuf deebiin kenname ga’aa miti jechuun sababa isaa waliin ibsaniiru. Sababiin isaan ibsanis baay’ina barattootaa irraa kan ka’e waan hin mijaanneef. Akkasumas, yeroon kenname ga’aa miti jechuun ibsaniiru.

Dabalataanis, gaaffii 3ffaa barattoonni dandeettii keeyyata gaarii barreessuu akka hin gabbifanneef wantootni sababa ta'an maal fa'i? Jedhuuf deebiin kenname; baay'een isaanii kutaa gadiitti barreessuu irratti fedhii dhabuu, baay'ina barattoota daree tokko keessatti argamaniifi haala teessuma barattootaa mijataa ta'uu dhahuu. Gama biroon ammoo, baay'inni wayitii barnoota Afaan Oromoof kenname xiqqaa ta'uu, qormaata biyyooleessaa kutaa 12ffaa irratti akka gosa barnoota tokkootti kennamuu dhabuu yookiin qormaata seensaa irratti kennamuu hafuufi haamilee laafaa qabu jechuun haaluma walfakkaatuun ibsaniiru.

Yaada deebii kennitoota kanarraa akka hubatamutti barattootni dandeettiiwwaan afaanii gurguddoo arfan wayita shaakalan barreessuufi dubbisuu akka sodaatan irraa hubatama. Kana malees, yeroon shaakala barreessuuf kenname ga'aa ta'uu dhabuu ta'a. Akkasumas, barattootni dandeettii keeyyata barreessuu irratti wantootni sababa ta'an kutaa gadiitti shaakala ga'aa ta'e dhabuu, dandeettii keeyyata barreessuu horachuu dhabuu, baay'ina barattoota daree tokko keessatti argamaniifi yeroo barnoota Afaan Oromoof kenname ga'aa ta'uu dhabuudha.

## 4.6. Xiinxala Ragaalee Bar-gaaffiin funaaname

### 4.6.1. Xiinxala Ragaalee Bar-gaaffii Cufatiin funaaname

**Gabatee: 6. Odeeffannoo barattootni dandeettii keeyyata barreessuu ilaalchisuun Kennan**

Gaaffii "Dandeettii keeyyata barreessuu keessatti keeyyata gaarii barreessuuf hanqinootni barreeffama keessan keessatti mul'atan maal fa'i? sirna tuqaalee, walqabsiistuwwaniifi qub-guddeessa sirnaan fayyadamtaa?" kan Jedhu irratti.

A) Baay'een waliigala 13(43.32%)

B) Waliingala 12(39.99%) ida'ama 30 (99.99%)

C) Waliihingalu 5(16.66%)

D)Gonkumaa waliihingaluu -

Akka gabatee armaan oliirraa hubatamutti, waliigala barattoota iddattoof filataman keessaa barattootni 19(63.33%) ta'an irra deddeebiin barreessuun dandeettii keeyyata barreessuu gabbifachuuf baay'ee gargaara jechuun deebii isaanii ibsaniiru. Gama biraatiin barattootni 11(36.66%) ta'an ammoo, irraa deddeebiin barreessuun dandeettii keeyyata barreessuu gabbifachuuf ni gargaara jechuun deebii isaanii ibsaniru. Barattootni 13(43.32%) ta'an yommuu keeyyata barreessitu keessatti keeyyata gaarii barreessuuf hanqinootni barreeffama keessan kees satti mul'atan sirna tuqaalee, walqabsiistuwwaniifi qub-guddeessa sirnaan fayyadamuu qabdu

irratti kan jedhuuf baay'een waliigala jedhaniif deebisaniiru. Baraattoonni 12(39.99%) Kanneen ta'an ammoo, keeyyata barreessitu keessatti keeyyata gaarii barreessuuf sirna tuqaalee, walqabsiistuwwanii fi qub-guddeessa sirnaan fayyadamuu qabdu irratti akka itti waliin galan ibsaniiru. Gama birootiin 5(16.66%) Kan ta'an ammoo, keeyyata barreessitu keessatti keeyyata gaarii barreessuuf sirna tuqaalee, walqabsiistuwwaniifi qub-guddeessa sirnaan fayyadamuu qabdu irratti walii hin gallu jechuun ibsanii.

Yaada armaan olii irra wanti hubatamu danda'u dandeettii keeyyata barreessuu barachuun barbaachisaa ta'uufi irra deddeebiin barreessuun dandeettii barreessuu gabbisuuf kan gargaaruu ta'uu hubachisa. Kana malees, keeyyata gaarii barreessuuf sirna tuqaalee, walqabsiistotaafi qub-guddeessatti sirnaan fayyadamuu irratti akka walii galamuu agarsiisa. Haaluma kanaan bargaafii banaa lakkoofsa sadaffaa jalatti dhiyaates, akka yaada keetti Sababni guddaan akka dandeetti keeyyata gaarii barreessuu hin guddifanneef rakkoodha jettee yaaddu maali? Sirna tuqaalee sirrii fayyadamuu dhabuu Qubee guddaafi xiqqaa walmakanii barreessuu. Sirriitti hubanno dhabuu sodachuun,yaaluu dhabuufi barsiisotni waa'ee keeyyata barreessuu dhabuu fa'i.

Akka yaada kotiitti rakkoo kan ta'e barsiisonni waa'ee keeyyataa barsiisuu malee, barreessisuudhaaf yaalii waan hin taasifneef rakkoo ta'e jedheen yaada. Seerota Afaanii beekuu dhabuufi caasaalee keeyyataa sirriitti beekuu dhabuudha. Yeroo hedduu irra deddeebiin keeyyata barreessuu shaakaluu dhabuu fa'idha. Barattootni fedhii keeyyata barreessuu dhabuufi shaakalli ga'aa gochuu dhabuudha. Qaamota keeyyatni tokko qabaachuu qabu adda baasuu dhabuu, Walqabsiisota sirrii fayyadamuu dhiisuu, himoota hiika qaban fayyadamuu dhiisuufi sodaa fa'idha. Kutaa gadiitti barnoota Afaan Oromoo sirnaan barachuu dhabuu. Hordoffiin barsiisotaa dhabamuu. Dandeettii barreessuufi dubbisuu dhabuudha. Kutaa tokkoffaatii jalqabee barsiisonni gosa barnootaa Afaan Oromoon eebbifaman waan nu barsiisuun dhibeef.

## 4.7. Xiinxala Ragaa Daawwannaa Daree Irraa Argame

Daawwannaa daree gaggeefame keessatti adeemsa dandeettii keeyyata barreessuu barattootni keessa darbuu qaban barattootaaf ibsuun akka barattoonni keeyyata gaarii barreessan barsiisaan deeggarsa godhaa? Kan jedhuuf hangas mara miti. Waa'ee keeyyataa ibsuun yaadannoo kennuuf malee, akka isaan barreessaniif mata-duree kennuun hin shaakalsiisan. Barsiisaan barattoonni barreeffama isaanii akka waliif gulaalan carraa kenneera? Carraa hinkennine.Barsiisaan waa'ee barreessuufi akkaataa itti barreessan ibseef malee akka isaan mata-duree fudhatanii keeyyata barreessanii waliif gulaalan carraa hin kennu;yeroo daawwannaan gaggeeffame keessatti yeroo

qorataan fudhatee daree barnoota keessa turetti akka hojii manaattillee akka barreessanii dhufaniif carraan hin kennamneef. Barattoonni hunduu haala walfakkaatuun hin hirmaatan.

Akka carraa daree barnootaa qorataan seenee daawwannaa gaggeesse keessaa barsiisaan waa'ee caasaa keeyyata barreeffama keessaa hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa akka isaan adda baasanii barreessan barsiisa. Barsiisaan ibsee akka isaan hirmaatan haa taasisuuyyuu malee, barattoonni baay'een harka baasuun hin hirmaatan. Warrii hirmaatanis deebii sirrii kan kennan barattoota muraasa. Warreen kaan hima callaa akka hima ijootti kan deebisanis ni jiru. Barsiisaan barruu (dabtara) barattoota hunda ilaaluun hin sororre. Qorataanis yeroo daawwannaa gaggeessetti Barruulee(Dabtara) barattoota hanga tokko ilaaluuf yeroo yaalii godhetti barruulee (Dabtara) barattootaarra gilgaalaafi yaadannoo adda addaatu barreeffamee jira malee, keeyyatni barattootaaf sororfame kan hin jirre ta'uu hubatee jira. Daawwannaa dareerraa akka qorataan hubatetti barsiisonni adeemsa keeyyata gaarii barreessuu barattootaaf ibsanii akkasaan barreessan gochuu irratti akkasumas deeggarsi isaan akka barattoonni dandeettii keeyyata gaarii barreessuu gabbifataniif taasisan quubsaa akka hintaane hubatameera. Gama barsiisotaan barattootni barreeffama isaanii akka waliif gulaalan carraa kennuu irratti barsiisonni carraa mata duree kennuun akka isaan barreessan kan hin taasisne ta'uutu mul'ata.

Yommuu barnoonni kennamu barattoonni haala walfakkaatuun kan hin hirmaanneefi barattoonni hirmaatanis deebii sirrii kan kennan muraasa ta'uu, barsiisonni barruu (Dabtara) barattootaa kan hin sororsine ta'uutu hubatame.

Daawwannaa kana keessatti barsiisonni barattoota mata duree adda addaa kennuun keeyyata akka isaan barreessan gochuu dhabuuniifi barattoonni barreeffama isaani akka waliif gulaalan taasisuu irratti carraa kennuun hirmaachisuu irratti gadi aanaa ta'uun hubatameera.

Kanaafuu, barattoonni dandeettii keeyyata barreessuu irratti gahumsa dhabuu, keeyyata barraa'e irra hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa adda baasanii beekuu dhabuu agarsiisa. Odeeffannoo kanaa olitti tarreeffaman irraa wanti hubatamu, Barsiisoonni adeemsa keeyyata barreessuun keessa darbu barattootaaf ibsuun barattootni keeyyata gaarii akka barreessan taasisuu dhabuu, barattootni daree barnootaa keessatti haala walfakkaatuun kan hin hirmaanne ta'uu, barsiisonni barattootaaf barreeffama isaanii akka isaan waliif gulaalan carraa kan hin kennine ta'uufi barruu(Dabtara) barattootaaf kan hin sororsine ta'uu hubachuun ni danda'ama.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA

## 5.1.Cuunfaa

Barreessuun dandeettiiwwaan afaanii bu'uuraa keessaa tokko yoo ta'u; dandeettiin barreessuu salphatti kan gonfatamu akka hin taane hubatama. Barattoonni dandeettii keeyyata barreessuu yoo gabbifatan dhaabbilee barnoota olaanoo keessatti barreessuun isaan hin rakkisu. Haaluma kanaan xiyyeeffannoon guddaan qorannoo kanaa mana barumsa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaatti dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 11ffaa xiinxaluudha. Qorannichi gaaffiilee Barattoonni kutaa 11ffaa mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa dandeettii keeyyata barreessuu akka gonfataniif hordoffiifi deeggarsi taasifamuufii qabu, Keeyyata barreessuurratti hanqinoonni isaan uumaniifi barattoonni kun keeyyata barreessuu keessatti rakkooleen isaan mudate xiinxalamee akka kanaa gadiitti dhihaateera.

Kaayyoon qorannoo kanaa dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 11ffaa mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa xiinxaluudha. Kana galmaan ga'uufis kaayyoo gooree barattoonni kutaa 11ffaa mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa dandeettii keeyyata barreessuu akkamii gonfachuu akka qaban Keeyyata barreessuu keessatti dogoggora isaan uumaniifi keeyyata barreessuu keessatti rakkoo isaan mudate tarreessuu kan jedhu qabatee jira. Gaaffiilee qorannichaa deebisuufi kaayyoolee tarreeffaman galmaan gahuuf barruu adda addaa sakatta'uun iddattoowwan ragaa kennuu danda'an barattoota mala iddatteessuu carraa keessaa iddatteessuu sirnawaatiin filatamaniiru. Barsiisonni kutaa 11ffaa Afaan Oromoo barsiisanis iddattoo miti carraa keessaa kaayyeffataan kan filataman akka madda ragaatti tajaajilaniiru. Iddattoowwan filataman irraa ragaaleen qormaata keeyyata barreessuu barattootaaf kennuun, af-gaaffii, bar gaaffiifi dawwannaa daree walitti qabamee jira.

Ragaaleen mala funaansa ragaatiin walitti qabame mala akkamtaafi mala hammamtaan xiinxalameera. Odeeffannoo meeshaalee garaagaraatiin funaaname irraa akka hubatametti barattoonni kutaa 11ffaa mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa dandeettii keeyyata barreessuu isaanii irratti dogoggora kan uuman ta'uu, qubguddeessaafi sirna tuqaaleetti fayyadamuuirratti rakkoon jiraachuu, caasaa keeyyataa hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa barreeffama keessaa baasuu dadhabuu, himoota walkeessa makaman tartiiba sirriin keeyyata ijaaruu hafuu walqabatiinsa yaada kan hinqabne ta'uun argama.

Kana jechuun amaloota keeyyata gaarii guutuun keeyyata qindoomina qabu barreessuu

dhabuufi gumee qopheessuun keeyyata barreessuu akka hin dandeenye agarsiisa. Kanamalees, barsiisoonni akka barattoonni kun keeyyata barreessaniif deeggarsaafi hordoffiin kan hin godhamne ta'u hubachiisa. Kunis, barsiisonni adeemsa keeyyanni keessa darbu ibsuun keeyyata gaarii akka barattoonni barreessaan kan hin taasfineefi barreeffama barreessisuun sororsuu dhabuudha.

Karaa biraan ammoo,barattootni kun mana barumsaa sadarkaa tokkoffaatti barsiisoota Afaan Oromoon hin leenjineen yookiin hin eebbifamneen kan baratan ta'uufi akka isaan keeyyata barreessaniifillee carraa kan hin laanne ta'uufi hanqina qabachuu hubachiisa.

Dandeettii barreessuus ta'e daneettii keeyyata barreessuu barattootaa cimsuuf gaheen barsiisoota Afaan Oromoo irraa eegamu guddaa ta'us; Barsiisoonni Afaan Oromoo garuu, odeeffannoo ibsame irraa akka hubatamuutti barattoota dandeettii keeyyata barreessuu shaakalchisuu irratti kan hin xiyyeeffanne ta'u agarsiisa. Dandeettii keeyyata barreessuu gabbifachuun barruu guutuu barreessuuf, seenaa ofii haala qindoomina qabuun barreessanii ka'uuf ;akkasumas, asoosama adda addaa kalaquun barreessuun guddina Afaan Oromootiif kan gumaacha olaanaa qabudha.

## 5.2. Argannoo

Odeeffannoon xiinxalame qorannichaa kan armaan gadiiti:

1. Keeyyata barreessan keessatti duraa duuba yaadaa eeguu dhabuu. Kanamalees, caasaalee keeyyataa hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa addaan baasanii beekuu dhabuu. Keeyyata keessatti bakka himni ijoo itti argamu sirriitti beekuu kan hin dandeenye ta'uu.

2. Barsiisoonni Afaan Oromoo kutaa 11ffaa barsiisan waa'ee keeyyataa barsiisu malee, akka isaan dandeettii keeyyata barreessuu gonfataniif carraa kennuu dhiisuu. Kana malees, barattootni kun sadarkaa tokkoffaa yeroo barachaa turanitti barnoota Afaan Oromoo kan isaan barsiisu barsiisota gosa barnoota Afaan Oromoon leenji'an yookiin eebbifaman otoo hin taane kanneen gosa barnootaa biroon eebbifaman ta'uufi hordoffii dhabuu fa'i.

3.Barattootni mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa kutaa11ffaa Amaloota keeyyata gaarii tokkummaa,walqabatinsa,guutummaafi xiyyeeffannaa keeyyata barreessan keessatti mul'achuu dhabuu. Akkasumas, keeyyatni isaan barreessan walqabsiisotatti Sirriitti fayyadamuu dhiisuu. Inni biroon ammoo, barattootni kunniin filannoo jechootaa eeganii barreessuu dhabuu, qindoominni himootaafi gumee qopheessuun keeyyata ijaaruun kan hin jirre ta'uu.

## 5.3. Yaada Furmaata

Qabxiileen furmaataa ijoo qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti:

- ❖ Bu'aa qabeesummaan hojii tokkoo qaama tokko qofaan galma waan hin geenyeef qaamoleen dhimmi ilaaluu hundi ga'ee isaan irraa eegamu bahachuu qabu. Kanaafuu, rakkoolee qorannoon kun adda baasee furuuf barsiisoonni, barattootniifi dhimmamtootni isaan ilaallatu (qaamni mootummaa) hojiilee kanaa gadii hojjechu qabu.
- ✓ Waajjirri barnootaa barsiisonni sadarkaa tokkoffaatii kaasee hanga sadarkaa lammaffaatti gosa barnootaa itti leeji'anii baruu barsiisuu akka qaban hordoffii ga'aa ta'e gochuu qaba.
- ✓ Biiroon barnoota Oromiyaa ministeera barnoota federaalaa waliin ta'uun barootni Afaan Oromoo akka gosa barnoota tokkootti qormaata seensaa kan biyyoolessaa irratti akka kennamu cichoomaan otoo hojjetee gaarii ta.a
- ✓ Barattootni sadarkaa tokkoffaa irraa kaasuun hanga sadarkaa lammaffaatti jiran dhimmi dandeettii keeyyata barreessuu miira na ilaallata jedhuun hikattummaafi eeggattummaafi sodaa tokko malee shaakala walitti fufiinsa qabu otoo taasisanii gaariidha.
- ✓ Barsiisotni barattoota isaanii yeroo waa'ee keeyyata barreessuu barsiisan ibsanii bira darbuu yookiin dhiisuu qofa otoo hin taane akka isaan dandeettii keeyyata barreessuu ofii barreessanii shaakalaniif hordoffiifi deeggarsa walitti fufiinsa qabu taasisuufiin gaarii ta'a.
- ✓ Barsiisonni yeroo keeyyata barsiisan qajeelfama kennuun dhimmoota irratti xiyyeeffatee sororfamu barattoota hubachiisuun shaakala adda addaa kennuun akka isaan barreessan otoo taasisanii caalaatti filatama ta'a.
- ✓ Itti fayyadama sirn tuqaalee, barreeffama keessatti iddoo qubguddeessi itti barreeffamuufi filannoo jechootaa, seerlugaafi akkamitti himoonni seeran qindaa'anii akka keeyyata gaarii tokko uuman otoo sirriitti hubachiisanii filatama ta'a.

- ✓ Caasaalee keeyyataa keessaa himni ijoo,himni callaafi himni goolabaa eessatti argamuu akka danda'u adda baasuun otoo sirriitti barsiisanii barattootni hubannoo qaban dabaluu ni danda'a.
- ✓ Amaloota keeyyata gaarii tokko tokkoon isaa maal irratti akka xiyyeeffatu haalaan otoo barsiisanii gaarii ta'a. Wayitii barnoota Afaan Oromoof kennameen alatti bifa isaaniif mijateen haala mijeessuun akka barnoota dabalatatti otoo kennanii barreeffama adda addaa shaakalchiisaanii guddina Afaan Oromootiif shoora mataasaa danda'e qaba. kaka'umsas barattoota keessatti kan uumu ta'a.
- ✓ Barsiisonni Afaan Oromoo yeroo waa'ee barreessuufi dandeettii keeyyata barreessuu adda addaa barsiisaan gumee qopheessuun akkamitti gumeen qophaa'e gara keeyyata barreessuutti akka seenaan duraa duuba isaa sirriitti ibsaniifi hunda caalaa gaarii ta'a.
- ✓ Waan barattoonni ofii isaanii barreessuu danda'an kan akka seenaa jireenyaa barreessisuun sororsanii bakka dogoggoran ilaalanii hubachisuun yookiin yaad-deebbii kennuun barruu guutuu akka barreessan otoo gargaaranii barattootni kun gara fuula duraatti akka waa kalaqaniif karaa qabsiisanii gaarii ta'a. Barsiisoonni kutaa 11ffaa barsiisan akka barattoonni dandeettii keeyyata barreessuu gonfataniif irra deddeebiin shaakalchiisanii dandeettii keeyyata barreessuu gonfachiisanii gaarii ta'a.

# Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa (2014).Semmoo:Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo.Finfinnee: Mega Printing Press.

Addunyaa Barkeessaa (2011).Akkamtaa Yaadrimee Qorannoo Hujoo:Finfinnee Ormiyaa

Beekaan Gulummaa (2015).Tujuba.Saayinsiifi Dandeettiiwwan Afaanii. Finfinnee:Elleni.p.p.plc

Diyani R. and Pat, C.H.(1998).The Scribner Hand Book for Writers(2nd ed).Ally and Bacon: Aviacom company.

Filee Jaallataa(2019).Malleen Qorannoo:Finfinnee Oromiyaa.

Getaachoo Rabbirraa (2016).Furtuu.Seer luuga Afaan Oromoo.Finfinnee: Kuraz International.

Getaachoo Rabbirraa (2019).Furtuu.Seer luuga Afaan Oromoo.Finfinnee: Kuraz International.

Headge, Tricia.(1988).Writing.Hong kong: Oxford University press.

Hedge.T.(1983).Writing Hand Book.London:Oxford University press.

Langan, J.(1985).College writing skills with Reading. NewYork.Mc Graw Hill.

Masarat Zawudee (2016).Hanqina Dandeettii barreessuu Afaan Oromoo Irratti Barattoonni Akka afaan lammaffaatti baratan qaban: Bulchiinsa Magaalaa Jimmaatti mana barumsaa Sadarkaa lammaaffaa Abbaa Bunaafi Saxoo samaroo.Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaaffaa Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutiin Guuttachuuf Qophaa'e.Yuunivarsiitii Jimmaa Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Hiyumaanitii Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruuf Dhiyaate.Yuunivarsiitii Jimmaa.

Misgaanuu gulummaa, (2011).Kattaa: Ogummaa barreessuu.Finfinnee Efficient printing press.

Nunan, D.(1991).Language Teaching Methodology. Cambrige University Press.

Pincase,A.(1982).Teaching English Writing .London:Mechanillan publisher.

Raggaasaa Asaffaa,(2009).Xiinxala Dandeettii Barreessuu Barattoota Kutaa Torbafaa Haala Manneen Barnootaa Sdarkaa Tokkoffaa Marsaa Lammaffaa Magaalaa Gasaraa Waraqaa Qorannoo Digirrii Lammaaffaa Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun Guuttachuuf Qophaa'e.Yuunivarsitii Finfinnee Kollejjii Namummaa,Qorannoo Afaanotaa

,Jornaalizimiifi Qunnamtii,Muummee Afaan Oromoo,Ogbarruufi Fooklooriif Dhihaate Yuunivarsiitii Finfinnee.

Raimes,A.(1983).Techinques in Teaching Writing.Oxford:Unversity press.

Rechards and Rogers (1999).Adult learning.London: Open Unversity press.

(1986).Approaches and Methods in Language Teaching Cambridge: Cambridge Unversity press.

Siisay Siyyum (2008). XiinxalaWantoota Dandeettii barreessuu Barattootaa Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa irratti sababa ta'an.Waraqaa Qorannoo Digirrii Lammaaffaa Guuttachuuf, Ogbarruufi Fooklooriif dhiyaate.Yuunivarsiitii Addis Ababaa.

Ur,P.(1996).Acourse in Language Teaching practice and theory.Cambridge:Cambridge University press.

Wasanee Bashaa (2001).Seer-Luuga Afaan Oromoo.Finfinnee.Mana maxxansaa Interprayizii Meeggaa.

# Dabalee A

Yuunivarsitii Jimmaa

Koollejjii Saayinsii Hawaasaa fi Namoomaa

Damee Barnoota Afaan Oromoo fi Og-barruu

Sagantaa Barnoota Digirii lammaffaa (MA)

Bargaaffii Barattootaan Guutamu.

Kabajamtoota Barattootaa :

Kaayyoon bargaaffii kanaa manneen barnootaa Aanaa Nadhii Gibeetti argaman keessaa barattoota mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa kutaa 11ffaa barataniin kan guutamu yoo ta'u, odeeffannoo keeyyata Afaan Oromoon barreessuu keessatti akka hanqinaatti mul'atan irratti xiyyeeffata. Keessumattuu barattoota mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa keessatti kutaa 11ffaa baratan keeyyata Afaan Oromoon barreessuu keessatti dogoggora barreeffamaa mudatan adda baafachuufi. Mana barumsaa kana keessatti bargaaffii kana ati akka guuttu filamteetta. Ragaan argamu galma ga'iinsa qorannichaatiif baay'ee barbaachisaa dha. Kanaaf, gaaffii gaafatame haala gaafatamteen deebisi. Sirriitti akka naa guuttun gaafadha. Ragaa barattootni kennan kamuu kan iccitiin qabamu yoo ta'u, bu'aan isaa barattoota qofaaf tajaajila. Bargaafficha guutuuf fedha qabaachuu keetiif iddoo kanaa gadii irratti mallattoo kee kaa'i.

Mallattoo:________________________________

Kanneen bargaaffii kana akka guuttaniif filatamtan hundaa durseen isin galateeffadha.

**Odeeffannoo Dhuunfaa**

**A.**Maqaa mana barumsaa _________________________ B. Kutaa ________

C.Daree ______ D.Salaa______E.Umurii _________

**I.Haala gaafatamteen deebisi.**

**Dabalee A: Barreeffama Barattootaa**

1. Mata-duree "Faayidaa bishaan dhugaatii dhala namaatiif qabu" jedhuu irratti keeyyata tokko barreessi.
2. Mata duree "miidhaa jimaa qaamuun dhufu" jedhu amaloota keeyyata gaarii tokkummaa, walqabatiinsa figuutummaa irratti xiyyeeffachuun keeyyata tokko barreessi.

3. Mata-dureewwan kennaman keessaa tokko filachuun gumee qopheessi. Gumee qopheessite irrattis keeyyata tokko barreessi.

A) Tapha kubbaa miilaa

B) Jireenya baadiyyaa

C)Dhugaatii alkoolii

4. Mata-duree "Miidhaa tamboo xuuxuu" jedhu irratti keeyyata tokko barreessi. Keeyyata barreessitu keessatti hima ijoo, hima caallafi hima goolaba addaan baasuun barreessi.

**II.Gaaffilee gaafatamte filannoowwan kennaman itti maruun deebisi**

**Dabalee A: Barreeffama Barattootaa**

1.Dandeettiiwwan afaanii arfan bu'uuraa keessaa kamtu caalaatti sitti ulfaataa? A.dhaggeeffachuu B. Dubbisuu C. barreessuu D. Dubbachuu

2.Dandeettiin keeyyata barreessuu sirnaan barreessuuirratti hangam sitti ulfaata ?

A.baay'ee guddaa B. guddaa C.xiqqoo D. baay'ee xiqqoo

3.Rakkoon dandeettii keeyyata barreessuu irratti qabdu hangam sitti ulfaata?
A.baay'ee baay'ee B. baay'ee C. xiqqaa D. baay'ee xiqqaa

4. Barsiisaa/tuun kee shaakala dandeettii barreessuu akkuma kitaabni barnoota kee kallattii kaa'uun hojii manee, qormaataa, hojii gareefi kan biroo siif kennu?

A.yeroo hunda B. yeroo baa'yee C. darbee darbee D. tasuma

5.Gilgaalota shaakala dandeettii keeyyata barreessuutiin walqabatee kitaaba barannoo kee gidduugaleessa taasifachuun isin shaakalchiisuuf xiyyeeffannoo hangam kennu?

A. baay’ee gaariidha B. gaariidha C. xiqqaadha D.baay’ee xiqqaadha

6. Barsiisaan/stuun kee shaakala dandeettii keeyyata barreessuu bifa abbaltiin, battalleen, qormaataan, hojii gareen yommuu siif kennu yookiin kennitu dogoggora kee barruulee yookiin dabtara kee irratti yaad-deebii siifbarreessaa yookiin barreessitii?

A.yeroo hunda B. yeroo baa’yee C. yeroo muraasa D. tasumaayyuu

7. Dandeettii keeyyata barreessuu hangam qabda?

A. baay’ee gaariidha B. gaariidha C. xiqqaadha D. baay’ee xiqqaadha

8.barsiisotni kee dandeettii keeyyata barreessuu akka gonfattuuf hordoffiifi deeggarsa akkamii siif godhuu?

A. deeggarsa walitti fufaa B. deeggarsa ciccitaa C.hin jiru

9.muuxannoo dandeettii keeyyata barreessuu walitti fufiinsaan shaakaluuf fedhii hangam qabda?

A.baay’ee olaanaa B.olaanaa C.baay’ee D.baay’ee gadaanaaf

**Akkaataa gaafatamtetti yaada kee ibsi.**

1. wayita dandeettii keeyyata barreessuu shaakaltu rakkooleen barreeffama kee keessatti sitti ulfaatu tartiiba armaan gadiin 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa... jechuudhaan sababa waliin deebisi.

Gumee qopheessuu _________

Qubguddeessuu____________

Filannoo Jechoota _________

Amaloota keeyyataa _________

Hima gaarii ijaaruu ________

Yaada maddisiisuu _________

Walqabatiinsa yaadaa eeguu _________

Sirna tuqaaleetti seeraan fayyadamuu dhabuu _________

2.dandeettii keeyyata barreessuu kana irraa bu’aan ati argattu maal?_______________________

3.otoo haala kamiin sideeggaranii dandeettii keeyyata barreessuu keetii cimsata sitti fakkaata?

4.Yommuu keeyyatas ta’e barreeffama garaagaraa  barreessitu haaluma dubbattuun barreessuu yaalta moo seera barreeffamaa eegdee barreessita? lakki yoo jette maddi rakkoo kanaa maal? Furmaatni rakkoo kanaa hoo maal sitti fakkaata? Barreeffamaan deebisi.

______________________________________________________________________________

______________________________________________________________________________

_________________________________________________________________

5.Yaada hin gaafatamiin hafe jettu yoo qabaatte barreessuun ibsi.





16/8/2015

Faayidaa bishaan dhala namaatiif qabu

Bishaan faayidaa heddu dhala namaatiif qaba.
Isaan keessaa muraalee; dhugaatiif, qulqullinaaf
qulqullina qama fi meeshaalee qaraa qaraaf
kana malees, nyaata itti bilcheessuuf k.k.f
itti dabalees dhaa; nama bishaan malee
jiraachuu hin danda'u
Walumaa galatti bishaan dhala namaaf
faayidaa guddaa qaba jechuudha.

16/05/20[illegible]

faayidaa Bishaan dhala Namaatiif Sabu [illegible]
tokko barreessi

faayidaa Bishaanii dhala namaatiif Sabu

Bishaan [illegible] nama kessaatti fayidaa Guddaa Qaba.
isaanis

1 dhaalii Namaa Bishaan malee Jiraachu hin dandau
faayidaa bishaanii dhala namaaf Sabu dhuu Yaa'ati dhaf
- Nama fayadaa
- [illegible] dha Namaa fayyaadaa
- [illegible] Yoon kilaayyaa itti mica chuf
- [illegible] kaayyaa ittiin eQalchuf
- Jaki Si ittiin omisha chuf

Itti Namni omisha Satis ittiin faya [illegible]

Miidhaa Tamboo Xuxxuu

tamboo tuxuun miidhaa guddaa fida
miidhaan isaas kanaarii dhukkuba daandhaa Beekuun Barbaachisaa dha.
miidhaa Sammuu namarraan gahu danda'a kanneen tamboo
n xuuxuun llama kaniyyuu hin barbaachisuu waan ta'ef
tamboo tuxuun hin barbaachisu. waan ta'e namoota xuxxaan
irraa dhorkuun kenyaa barbaachisadha.
tamboo xuxuun seeraan isa ta'ee akka amman tiin tiis waan hin Eeyy
amamee tuxuun hin barbaachisu.
tamboo waantoota shibee namatti fiduun keessaa isaa tokko waan
miidhaa inni namatti fidu -
ta'eef namoota xuxaa irraa dee bisuu miidhaa inni namatti fidu -
daandaa.uun wal irraa fobnee nama xuxutti himuun akka inni -
hin xunee gochoon barbaachisaadha.
tamboo xuxuun gaddisnuu biyyaa tokkoof gufuudha.
Namni tamboo xuxu ofiis ta'ee biyyaa isaas ta'ee matiidi ofuumaa isaa
swaan of irraa sirriin hin danda'u.
nallafaa argaatuu karuummaa isa irraa olchaa.

Q Miidla Jimaa Oraamaan dhufu

midhaan Jimaa Oraamaan dhufu keessa inni tokko Rakko araadaa adda addaa nama fabsiisa hojii dhabdoota Namu taasisa. Rakko Sammuu Namaran Saiaa. Sukka Sukkatti baasii nama basisaa baasi male Saiin akka Sauee taasisaa. Namooni Jima ~~faraam~~ Saaman dinafdeen isaanii fadii bu'aa deema. deemsa Keessa maati isaaniran midhaan Suddan akka Saau taasisa Saaati hojii ittin bumuata hojeetamu Jimaa faamutti dhuma namoonii maati Sodhaatini faban Keessattu Rakko Suddatu irraa Saiaa. Jimaa faamu Kana maiees, akkuma hawaasummatti Rakko Suddaa nama irran Saiaa. Jimaa faamu Rakko inni fidu Keessa Kan akka xin Sammuu, Sadii fisuasejuu, maati keessatti waldhaabdee fidu Jireenkaa ofii walaaluu, Karoora nama dhabsiisuu, kakkoo Nama dubatti deebisuu, haaikanis Sukka nama waraichisuu dinafdeen nama akka oli kaane nama taasisaa. Kanaatu Jima faamuu irra Haawaasni akka of kusatu barsiisuun barbaachisuumma Sudda akka fabuu taasisuu dhaa

## Dabalee B

Yuunivarsitii Jimmaa

Koollejjii Saayinsii Hawaasaafi Namoomaa

Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

Sagantaa Barnoota Digirii Lammaffaa (MA)

Bargaaffii Barsiisota Barnoota Afaan Oromoo Barsiisaniin Guutamu

Kabajamtoota barsiisotaa :

Kaayyoo: Bargaaffiin kun kan barsiisota barnoota Afaan Oromoo barsiisaniin guutaman yoo ta'u, kaayyoon isaa odeeffannoon qorannoo kanaaf gargaaraan barsiisota irraa argamu murteessaa waan ta'eefi.

Qajeelfama:I. Kabajamaa barsiisaa/tuu gaaffilee armaan gadii erga sirriitti dubbistee booda odeeffannoo gahaa akka naaf laattu kabajaan gaafachaa deebii filattu tokkotti maruun deebisi. Isa filannoo hin qabneef yaada kee naaf barreessi. Xumurarratti bargaafficha guutuuf fedha qabaachuu keetiif iddoo kanaa gadiitti mallattoo kee kaa'i.

Mallattoo: ______________________

Kanneen bargaaffii kana guuttan hundaa durseen isin galateeffadha.

- Gosa barumsaa barsiisan____________________________________
- Tajaajila hojii barsiisuu (waggaa)________
- Sadarkaa barumsaa A. Dippiloomaa B. Digirii C. Digirii lammaffaa (M.A)

1 .Barattoonni kee dandeettii keeyyata barreessuu yommuu barsiiftu xiyyeeffannoo itti kennanii isin hordofuu? A. Baay'ee B. hamma toko C.gonkumaayyuu

2. Shaakala dandeettii barreessuu barattoota keetiif kennite ilaaluun yeroo hunda duub-deebii ni lattuu?

A. yeroo mara B. yeroo tokko tokko C.hin kennu

3. Wayitiin barnoota Afaan Oromootiif kutaatti dandeettii keeyyata barreessuu barsiisuuf ramadamee jiru gahaadhaa? A. baay'ee baay'ee gahaa B. baay'ee gahaa C.gahaa D.baay'ee gahaa miti

4. Barattoonni kee kitaabilee dandeettii keeyyata barreessu isaanii akka cimsan mana kitaabatii akka dubbisan ni jajjabeessitaa? A.baay'ee B.hamma tokko C.hin jajjabeessu

**Bargaaffii banaa**

1.Barattootni mana barumsaa sadarkaa lammaffaa yoo akkamitti baratan dogoggora dandeettii keeyyata barreessuu irratti qaban fooyyeffatu jettee yaada? ____________________________________________________________

____________________________________________________________

____________________________________________________________

2. Dandeettii keeyyata barreessuu barattoota yommuu barsiiftanu rakkoon isin mudatu maali?

____________________________________________________________

____________________________________________________________

____________________________________________________________

3. Rakkoo dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa hambisuuf dhimmamtoota barnootaa irraa maaltu eegama?

3.1. Barsiisota irraa

3.2 .Barattoota irraa

3.3 .Maatii barattootaa irraa

3.4 .Manneen barnootaa irraa

3.5 .Waajjiraalee barnootaa irraa

3.6 .Ministeera barnootaa irraa

4. Gaaffilee biroo dandeettii keeyyata barreessuuf ni barbaachisa jettu kan hafe yoo jiraate .

## Dabalee C:

Yuunivarsitii Jimmaa

Koollejjii Saayinsii Hawaasaafi Namoomaa

Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

Sagantaa Barnoota Digirii Lammaffaa (MA)

Af-gaaffii Barsiisota Barnoota Afaan Oromoo Barsiisaniin Guutamu

**Af-Gaaffii Barsiisotaa**

Kabajamtoota barsiisotaa: kaayyoon af-gaaffii kanaa rakkoolee barattoota kutaa 11ffaa Mana Barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa, dandeettii keeyyata barreessuu gabbifachuurratti rakkoo ta’an adda baasuufi. Isinis, dhimma kanarratti odeeffannoo naaf kennuuf eyyamoo ta’uu keessaniif isinan galateeffadha; gaaffiilee dhihaataniif odeeffannoo dhugaqabeessa akka naa kennitan kabajaanan isin gaafadha.

1. Barattoonni kutaa 11ffaa mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa dandeettiiwwaan afaanii bu’uuraa keessaa isa kamiin shaakaluu sodatuu?

2.Akka ati ilaaltutti barattootni muuxannoo barreessuu sadarkaa tokkoffaatii hangama fudhatanii dhufan jettee yaadda?

3.Barattoonni kutaa 11ffaa mana barumsaa Ifa Akkoo sadarkaa lammaffaa ulaagaalee keeyyatni tokko qabaachuu qabufi caasaalee keeyyataa hundaa hammachiisanii barreessuuf hangamtattaaffii godhuu?

4.dandeettiin keeyyata barreessuu barattoota biraatti akkamitti ilaalama?

5. barattootni dandeettii keeyyataa bareessuu akka shaakalaniif yeroo gahaa laattuu?
6. Barreeffama barattootaa irratti duub-deebii yoo laattaan maal maal irratti hundooftuu?
7. Rakkoowwan dandeettii keeyyata barreessuu keessatti barattoota mudatan irra caalaatti eenyuun fala argataa?

# Dabalee D.

## Unka  Daawwannaa Daree

Adeemsa barsiisonni shaakala dandeettii keeyyata barreessuu hojiitti hiikaniifi haalaa barattootni dandeettii keeyyata barreessuu ittiin shaakalantu daawwatame.

Maqaa mana barumsaa______________________ Guyyaa daawwannaa __________________

Maqaa barsiisaa ______________________ Baay'ina wayitii torbeetti_______________

Gosa barnootaa ________________ Baay'ina barattootaa. Dhi_____Dha ____ Ida _

Kutaa ____________ wayitii_______________

### Qabxiilee Lakkii/ Eeyyee guutaman

1. Barsiisaan karoora barbeefi kan waggaa qopheeffateerra

2. Qabiyyee darbe yaadachiisuun qabiyyee haaraa ibsuun dura barattoota dammakseera

3. Mata duree baratootni irratti barreessan barsiisaan barattootaaf kenneera

4. Adeemsa keeyyata barreessuu barattoonni keessa darbuu qaban barattootaaf ibsuun akka barattoonni keeyyata gaarii barreessan deggereera

5. Barattootni hunduu haala wal fakkaatuun ni hirmaatu

6. Barattootni qabiyyee guyyaa sanaa barachuuf fedhii qabu

7. Barattoonni barreeffama barreessan akka waliif ilaalan carraa kenneera

8. Barreeffama barattoota kanneenii ilaaluun duub deebii barattootaaf kenneera

9. Barruu yookiin dabtara barattoota hundaa ilaaluun sororseera

10.Bifa hojii manneen,hojii gareen,akka dandeettii barreessuu shaakalan taasiseera.

11.Barattootni xiyyeeffannoon akka barreessanii hordoffiin godhamaa turee